# Gadaa

Kitaaba Barataa

Kutaa 6







BBO 2013/2020

# Gadaa

**Gorsaafi Qindeessaa**
Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa**
Muhaammad Namoo

**Qopheessitoota:**
Abdiisaa Gannatii
Dambee Turcee
Darajjee Mokonnin Qana'aa
Diida Jiloo
Mitikkuu Dibbeessaa

**Gulaaltota:**
Biiftuu Roobii
Duubee Adulaa
Lubaabaa Jamaal
Sulxaan Umaree

**Seecca'oota:**
Fiqaaduu Qana'aa
Muhaammad Abdoo

**Giraafiksii:**
Solomoon Alamaayyoo
Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsitoota:**
Dhaqqaboo Guyyee
Solomoon Alamaayyoo

Kitaaba Barataa Kutaa 6

©Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2013/2020

Kitaaba kana Biiroon Barnootaa Oromiyaa bara 2013/2020 qopheessee maxxanse.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

# Galata

Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa qophii sirna barnootaa Gadaa kutaa 1-8 keessatti jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisu gochuufi qooda fudhachuun gahee olaanaa gumaachee jira. Kanaafuu, biiroo keenya wajjiin ta'uun hojii seena qabeessa hojjechuu isaaniitiif galata guddaa qabu.

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Boqonnaa 1: Ce'umsa Raabaa Gara Doorii............................................1
Boqonnaa 2: Gaheefi Itti-Gaafatamummaa Doorii................................8
Boqonnaa 3: Faaruu Dooromaa.......................................................14
Boqonnaa 4: Bulchiinsa Sirna Gadaa...............................................18
Boqonnaa 5: Gogeessa Gadaa........................................................26
Boqonnaa 6: Waaqeffannaa............................................................33
Boqonnaa 7: Jaarmiyaalee Waaqeffannaa........................................38
Boqonnaa 8: Gochaalee Waaqeffannaa.............................................44
Boqonnaa 9: Haadha Yaa'aa...........................................................50
Boqonnaa 10: Sirna Gadaafi Nageenya.............................................57
Boqonnaa 11: Gadaafi Saboota Ollaa...............................................61
Boqonnaa 12: Jaarsummaa.............................................................65
Boqonnaa 13: Gumaa...................................................................70
Boqonnaa 14: Sirna Gadaafi Mirga Dhala Namaa...............................75
Boqonnaa 15: Qumbii...................................................................79
Jechibsoo.................................................................................85

Sirna Gadaa keessatti, dhaloonni ce'umsa gulantaa Gadaa tokko irraa gara gulantaa itti aanuutti taasisan qabu. Ce'umsa kana keessaa tokko kan Raabaa gara Dooriitti jiloota adda addaa qopheessuun raawwatamuudha. Jiloonni kunneenis, iddoo garagaraatti bifa adda addaan raawwatamu. Fakkeenyaaf, Gujiitti jilli ce'umsaa kun, jila Qajimaafi Waddeessa murachuu yoo jedhamu, Booranatti ammoo, jila Daannisa murachuu jedhama. Ce'umsa kana irratti wanti hubatamuu qabu kan biroon jilli waddeessa murachuu Booranatti kan raawwatamu gaafa gulantaa Doorii irraa gara Gadoomatti ce'amu ta'uu isaati.

## Qajimaafi Waddeessa Murachuu

Qajimaa kan muratu miseensota dubartootaa yommuu ta'an, Waddeessa ammoo, miseensota dhiiraatu murata. Gadaa keessatti, Qajimaa kan muratu miseensota dubartootaa abbootiin warraa isaanii gulantaa Doorii ga'aniidha. Sirni Qajimaa murachuu kunis sirna Waddeessa murachuu dursee gaggeeffama. Kunis, Gadaan dubartootaaf kan dursa kennu ta'uu agarsiisa. Dubartoonni muka qajimaa jedhamu murachuudhaan Raaba irraa gara Dooriitti ce'uu isaanii mirkaneeffatu.

Qajimaa murachuun, adeemsa mataa isaa qaba. Jalqaba, dubartoonni qadadduun isaanii waliin dhufanii qajimaa Siinqeef ta'u adda baasu. Itti aansuun, 'Qajimaan Qajimaa nagayaati; Dooriin Doorii nagayaati; akkuma nagaan Dooromtan nagaan Gadoomaa; bakka ani gaye kana gayi…' jettee eebbisuun qajimaa muramu aggaamti. Sana booda, dubartoonni gulantaa sana irra jiran hundi kan mataa mataa isaanii muratu. Erga muratanii booda, qoree qajimaa irraa kolkolanii fudhatanii gara manaatti deebi'u. Siinqeen qajimaa irraa tolfamte kun waddeessa warra dhiiraa wajjiin taa'a. Haala kanaan, dubartoonni gulantaa Raabaa irraa gara Dooriitti ce'u.

## Gaaffii hubannoo 1

Miseensonni Raabaa gara Dooriitti ce'uuf sirni warri dhiiraa raawwatan maal jedhama? Kan dubartoonni raawwatan hoo?

a. kan warra dhiiraa ________________________________

b. kan dubartootaa___________________________________

Gadaa keessatti, Waddeessa murachuun miseensota dhiiraa gulantaa Raabaa irraa gara Dooriitti ce'aniin geggeeffama. Miseensonni gulantaa kanaa, waddeessa muratanii, bocanii miidhagsanii boroo kaayyatu. Kunis, sadarkaa Raabaa irra gara Dooriitti ce'uu isaanii agarsiisa.

Waddeessa murachuun adeemsa mataa isaa qaba. Adeemsa waddeessa murachuu keessatti dursee kan muratu gosa hangafa keessaa filatama. Mukni, waddeessaa jila kanaaf ta'us guyyoota muraasa dursee filatama. Mukni waddeessaa muramu ammoo, dameen isaa gama mirgaa jiru baay'ee kan hindulloomneefi dabaa hintaane ta'uu qaba. Waddeessa osoo hinmuratiin dura hundee isaa jala marqaa garbuu kaa'u. Itittuus itti dhibaafachuun Waaqa kadhatu. Miseensonni Doorii kanneen biroos, "Waddeessi waddeessa nagayaati!" jedhanii sirbaa Waaqa kadhachaa muratu. Warri hangafaa (Baatuu yookiin Qadadduu duraa) ammoo, bokkuu qabatanii eebbisu.  "Waddeessi waddeessa nagayaati! Dooromi! Gadoomi! Bakka ani gaye kana gayi!" jedhanii eebbisu. Miseensonni Dooriis, "Iddoo inni gayeen nu gayi!" jedhanii Waaqa kadhataa waddeessa muratu.



Waddeessa muratan qabatanii yommuu gara qachaa/yaa'atti deebi'an, "Aanolee aanolee mirga durii deebisi; jaarsa durii deebisi...." jechaa sirbaa galu. Yommuu qachaatti deebi'an, abbaan warraafi haati warraa jaalalaafi kabaja waliifi jilichaaf qaban ibsatu.

Haati warraa waddeessa abbaa warraa ishee kunuunsitee kaa'uuf, abbaa warraa ishee goromsa gaafatti. Innis, nikennaaf. Goromsi kennamtuuf Waddeellee jedhamtee moggaafamti. Yommuu isaan jila kana raawwatanii gara gulantaa Dooriitti ce'an, ijoolleen isaanii ammoo, Dabballee ta'u.

## Daannisa murachuu

Jilli ce'umsaa gulantaa Raabaa irraa gara Dooromaatti godhamu keessatti raawwatamu Boorana biratti Daannisa murachuu jedhama. Daannisni ulee ulfoo jilaa muka qajeelaa arooressa fakkaatu irraa kan muramuudha. Daannisa murachuun, ilmaan jaarsaafi ilmaan kormaatiif bifa garaagaraatiin raawwatama. Ilmaan jaarsaatiif Daannisni kan muramu gaafa jila moggaasa maqaa isaanii yoo ta'u, ilmaan kormaatiif ammoo, gaafa isaan sadarkaa Raabomaa xumuranii Dooromaatti ce'uuf jedhan murama. Raabni jila Daannisa murachuu kana kan raawwatu yeroo warri gulantaa Gadoomaa irra jiran jila Odaa Buluu gaggeessaniidha. Yeroo kanas, tuutni gogeessa Raabaa kun yaa'a Gadaa waliin gara ardaa jilaatti godaanu.

## Gaaffii hubannoo 2

Garaagarummaan Daannisa murachuu ilmaan kormaafi ilmaan jaarsaa maal?

Sirni jila Daannisa murachuu kunis, ardaa jilaa gama Liiban iddoo Deebanoo jedhamutti gaggeeffama. Iddoon addaa Daannisni muramuuf deemamu garuu ardaa Dooyyo jedhamudha. Yeroo kanatti, Daannisa deemanii kan muran Makkala Raabaa yoo ta'an, Aduloonni Raabaa ammoo, aannan qabatanii gaaddisa Canaa jala taa'anii eegu. Yeroo Makkalli Daannisa muree deebi'u, warri Adulootа Raabaa kun fuula gara baha biiftutti deebi'anii gaaddisa Canaa jala taa'uun Makkala dhufeen akka armaan gadii kana waliin jedhu:

| Makkala | Aduloota Raabaa |
|---|---|
| Dhintee dhina! | Hobbahi! |
| Oolle bulla! | Nibulla! |
| Oolcha dhunna! | Nidhunna! |

Haala kanaan, waldubbisanii erga xumuranii booda, aannan okoleedhaan qabatanii turan waliin unuun Daannisa murame qooddatanii Raaba irraa gara gulantaa Dooriitti ce'uu isaanii labsu. Guyyaa kana irraa jalqabuun lubni kun Doorii yoo ta'an ijoolleen isaanii ammoo Dabballee ta'u.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1) Miseensonni gulantaa Doorii seenanii Waddeessa yookiin Daannisa yoo muratan ijoolleen isaanii ammoo Dabballee irraa gara Gaammeetti ce'u. (dhugaa/soba)

2) Daannisa Aduloota Raabaa deemanii kan muran

A) Haadha warraa isaanii

B) Makkala

C) Aduloota mataa isaanii

D) Hunduu deebiidha.

3) Adeemsa Waddeessa murachuu keessatti kan dursee muratu gosa maandhaa ta'uu qaba. ( dhugaa/soba )

4) Kanneen armaan gadii keessaa jila gulantaa Raabaa gara Dooriitti ce'uuf taasifamu kan hintaane kami?

A) Qajimaa murachuu

B) Daannisa murachuu

C) Waddeessa murachuu

D) Deebii hinqabu

## Gilgaala 2: Gaaffilee armaan gadii deebisi.

Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti gulantaan Doorii maaliif gulantaa murteessaa ta'e?

Sirna Gadaa keessatti, dhaloonni gulantaa irra jiru keessatti gaheefi itti-gaafatamummaa bahu hedduu qaba. Haaluma kanaan, Dooriin yeroo Dooramaa keessatti gaheefi itti-gaafatamummaa bahu niqabaata. Gulantaa Dooromaa keessatti gaheefi itti-gaafatamummaan gogeessa kanaa kanneen ijoon jiloota Doorii gaggeessuu, muuxannoo adda addaa fudhachuu, Gadaaf gumaachuu fa'a.

Gahee warra Doorii keessaa inni tokko ardaalee jilaa irra naanna'uun jiloota gulantaa Doorii raawwachuudha. Jiloonni Doorii kunneenis, Oromiyaa bakka adda addaatti haala adda addaatiin raawwatamu. Fakkeenyaaf, Booranatti jiloota Dooriin ardaalee jilaa irra naanna'ee jilatu keessaa ijoon Jila Darrabbaa, Hulluuqqoo, Dhibaayyuufi jila Buttaati.

Dooriin turtii gulantaa Gadaa kana keessa jiru guutuu waggaa waggaan jila Darrabbaa jilachuun gahee isa olaanaadha. Yeroo jila Darrabbaa kana raawwatan miseensonni Doorii bantii isaanii keessa cilee dibachuun Daannisaafi Lichoo harkatti qabatu. Jila Darrabbaa kana irratti wantoonni gurguddoon raawwataman sirba Olkaa sirbuufi Korma Bokkuu qaluudha. Sirbi Olkaa kan sirbamu miseensota angawoota Dooriifi Makkaloota isaaniin yoo ta'u, guyyaa saddeetiif osoo walirraa hincinne sirbama.

Dhuma raawwii jila Darrabbaatti kan geggeeffamu, sirna Korma Qaluuti. Korma kana kan kennu miseensota Doorii keessaa Abbaa Bokkuuti. Dooriin yeroo Korma Bokkuu kana qalu, yaa'aan alatti gadi bahuudhaan waraana yookiin eeboo walcinaa keeyyatee jalqaba uchuma buufata. Achiin booda, sirni qalmaa raawwatamuun foon kormichaa mana warra Abbaa Bokkuutti galchuun jilli Darrabbaa xumurama. Kormi qalamu kun, Korma Obbaatii jilaa jedhama.

Jilli biraa kan Dooriin raawwatu, jila Buttaati. Innis, yeroo Dooriin gulantaa Dooromaa irraa gara dhumaatti dhiyaatee baallii fuudhuuf qophaa'u gaggeeffama. Jila Buttaa keessatti wantoonni ijoon raawwataman galma Buttee ijaaruu, Buttee dhaabuufi korma buttaa hidhuudha. Jila kana kan raawwatu abbummaan Adulaa Doorii fiixee yookiin nama gaafa isaan gulantaa Gadaatti ce'an Abbaa Gadaa ta'u yommuu ta'u, Buttee kan dhaabdu ammoo, haadha isaati.

## Gaaffilee hubannoo 1

1. Jilli dhuma raawwii jila Darrabbaa irratti Dooriin raawwatu maal jedhama?
2. Jila Buttaa Dooriin gaggeessu keessatti wantoonni raawwataman maal fa'i?

Bifuma walfakkaatuun, Tuulama keessattis gaheefi itti-gaafatamummaan Dooriin qabu hedduudha. Kanneen keessaa buttaa qaluu, hirkoo kaadhimachuufi manyee baqaqsuu maqaa dhahuun nidanda'ama. Haaluma wal-fakkaatuun, Gujii keessatti gaheefi itti-gaafatamummaa Dooriin bahu heddutu jiru. Kanneen keessaa tokko Jila Hulluuqaafi Dhibaayyuu gaggeessuudha. Jiloonni kunneen kan geggeeffaman yeroo Dooriin gulantaa Dooromaa isaa xumuree baallii fuudhuuf qophaa'aa jiruttidha.

Jilli Hulluuqaa jila kadhannaa Waaqaati. Jilli kun manaan alatti kan gaggeeffamuudha. Jilli Hulluuqaa yeroo gaggeeffamu hidda yookiin gaalee mukaa kan akka araayyee, xixxiixaafi kanneen kana fakkaatan barbaachisaadha. Gaalee mukkeen lamaan gargar hiiqanii jiranitti hidhanii maayaa maatiin hundi yeroo tokko jala hulluuqu. Yeroo hulluuqqaan gaggeeffamu Waaqa kadhatu. Kaayoon yookiin faroon hamaan gara bara Gadooma isaaniitti akka hinceene jila Hulluuqaa kana raawwatu. Akkasumas, wanti hamaan fuuldura isaanii akka isaan hinarganneef jila gaggeeffamudha.

Jilli biroon Dooriin gaggeessu, jila Dhibaayyuuti. Jilli Dhibaayyuu jila Oromoon oolmaa inni ooleef Waaqa itti galateeffatuufi kadhatudha. Barri Gadooma isaanii bara quufaa, ititiifi misaa akka ta'u damboobuudhaaf kan geggeeffamudha. Haaluma kanaan, Dooriin (abbaan warraafi haati warraa) aannan yookiin mijuu, dhadhaa, dammaafi kanneen kana fakkaatu qabatanii muka yookiin ardaa dhibaayyuu deemuun dhibaafatu.

## Gaaffilee hubannoo 2

1. Jilli Dhibaayyuu maaliif gaggeeffama?
2. Dooriin jila Hulluuqaa maaliif gaggeessa?

Gaheefi itti-gaafatamummaan Doorii kan biroo ammoo, muuxannoo garagaraa fudhachuufi gumaata Gadaaf taasisuudha. Akka Raabaafi Kuusaa Gadaatti maxxanee irraa barachuufi leenji'uu dhabullee, Dooriin yeroo Abbaan Gadaa jiloota addaa addaa geggeesu keessatti argamee barata. Murtiiwwan garagaraa warri Gadaa murteessaniifi dabarsan keessatti hirmaachuudhaan caqasa. Yeroo Gadaan marii adda addaatiif isaan barbaadan, argamuudhaan hojii kennamuuf raawwatu.

Dabalataanis, Dooriin akka barbaachisummaa isaatti yeroo Gadaan jiloota adda addaa geggeessu gumaata adda addaa nikennaaf. Gumaanni kun daraaraa (buna, tamboo, amoolee, damma), midhaan nyaataa, looniifi kanneen kana fakkaatan hammata.

Dooriin jalabultii baallii fudhachuutti, ardaa jilaa baalliin itti kennamu deemee qophii hunda xumuruuf dirqama qaba. Qophii jalabultii baallii fudhachuutti hojii Dooriin hojjatu keessaa inni tokko qachaa (yaa'a) Doorii ijaaruudha. Kan biroo ammoo, karaa qaachaa Abbaa Gadaa geessu, kan yeroo baallii fudhatanii fardaan garmaamaa sirbaa irra galan niqulqulleessu. Gama birootiin, farda odolcha yeroo baallii fudhatan koranii yookiin yaabbatanii garmaamaa, sirbaa ittiin galan meeshaa guutuu waliin qopheeffatu.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Jilli Hulluuqaa jila mana keessatti gaggeeffamuufi ittiin Waaqa galatoomfatanidha. (dhugaa/soba)

2. Dooriin jalbultii baallii fudhachuuf taasisu keessatti hojiiwwan inni raawwatu ,

A) qachaa (galma) Doorii ijaaruu,

B) karaa qaachaa (galma) Abbaa Gadaa geessu kan yeroo baallii fudhatanii qulqulleessu.

C) A fi B deebiidha.

3. Jila Dhibaayyuuf dhadhaa, aannaniifi damma qabatanii ardaa dhibaayyuu dhaquun maal agarsiisa?

4. Boorana keessatti jiloonni Dooriin geggeessu maal maal fa'i?

## Gilgaala 2: Gaaffii armaan gadii deebisi

Gaheefi itti-gaafatamummaa Doorii irraa maal baratte?

Sirna Gadaa keessatti, gogeessi sadarkaa adda addaa irra jiran gochoota raawwataniifi hawwii gara fuula duraatti qaban faaruun ibsatu. Isaan keessaa inni tokko faaruu Dooriiti. Sirna Gadaa keessatti Dooriin gulantaa Raabaatti aanee kan dhufudha. Yeroo gulantaa Raabaa irraa gara Dooriitti ce'an, jila Daannisaa yookiin Waddeessaafi Qajimaa murachuu, akkasumas Buttaa Qaluutu geggeeffama. Jila kana raawwatanii yeroo gara qachaatti (qubsuma yaa'aa) deebi'an miseensonni Doorii sirbaa adeemu.

Sirbi kunis, Oromiyaa bakka adda addaatti maqaa adda addaa qaba. Fakkeenyaaf, Gujii keessatti Qeexala jedhama. Tuulama biratti ammoo, Absaala jedhamee beekama. Absaalli kan sirbamu gaafa Dooriin Buttaa qalu Foolleen dhiichisee isa faarsudhaan sirba. Akkasumas, Booranatti sirba Olkaa jedhamuun bifa garaagaraatiin sirbama. Sirbi Olkaa kun yeroo turtii gulantaa Dooromaa guutuu waggaa waggaan sirbama. Yeroo miseensonni Doorii sirba Olkaa sirban dubartoonni (haati warraa isaanii) hiriiraan dura dhaabbatanii sirba Ruddii sirbu.

Faaruu Doorii keessaa, faaruun Qeexalaa Gujiitti sirbamu, bifa armaan gadiin dhiyaatee jira:

Dooromuu beeksiseera hoo
Waddeessaan leelliseera hoo
Doorii hirree seesaa hoo
Jaartii guutuun seesaa hoo
Qajimaa murachiisee hoo
Walaannaa rifachiisee hoo
Qadadduu gammachiise hoo
Kan waraana hamaa hoo
Kan Walaannaa Raabaa hoo
Doorii booka kormaa hoo
Gadaan sodaatee rom'aa hoo
Jaldhaabaan duchiisee hoo
Fagaan mufachiisee hoo
Kan butteen dhuqqistuu hoo
Kan curruqoon shaakkistuu hoo
Daraaraa bobbaasuun geessee hoo
Elellaan diruun geessee hoo
Gadooma fudhachuun geessee hoo

Qeexalee burquun geessee hoo

Walaannaa hurquun geessee hoo

Jila muummeen gahee hoo

Dooroma bakka ga'ee hoo

Dooromee baleelee hoo

Gadoomuu kajeelee hoo

Doorii  Doorii !  Doorii biifaati ! Doorii biifaati !

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Warri gulantaa Gadaa keessa jiran kan Dooriin aangoo irraa fudhatu sun Dooriidhaaf Qadadduudha.  (soba/dhugaa)
2. Faaruun Dooromaa Boorana keessatti ___________jedhamee kan  waamamu yommuu ta'u, Gujiitti ammoo, ________ jedhama.
3. Tuulamatti  faaruun yeroo Dooriin Buttaa qalu sirbamu maal jedhama?.

   A) Absaala   B) Qeexala
4. Gadaan maaliif sodaatee rom'e?

## Gilgaala 2: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Yeroo Dooriin qeexalu Walaannaan maaliif rifata?
2. Yommuu Dooriin qeexalu Qadadduun maaliif gammada?
3. Dubbisa boqonnaa kanaa irraa waa'ee maalii baratte?

## Maalummaa Bulchiinsa Sirna Gadaa

Sirni Gadaa, sirna bulchiinsaa uummata umriifi gulantaadhaan tartiibessee gurmeessudha. Kunis siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa ummata Oromoo kan hogganudha. Gama biraatiin, Gadaan sirna bulchiinsaa dhaloota jiru hunda gogeessa shanan keessatti hirmaachisuudha.

Gadaan sirna bulchiinsaa halkan tokkoon yookiin bara tokkoon hundaa'e yookiin kalaqame miti. Gadaan sirna bulchiinsaa adeemsaafi muuxannoo jaarraa hedduutiin ijaaramedha. Kunis, adeemsa, muuxannoofi jijjiirama bulchiinsaa yeroo dheeraatiin sadarkaa guddinaa amma irra jiru kana gaheedha.

## Utubaalee Bulchiinsa Sirna Gadaa

Utubaaleen bulchiinsi sirna Gadaa itti fufee akka jiraatu taasisan hedduutu jiru. Utubaaleen kunneen dhimmoota yookiin duudhaaleefi qajeeltoowwan gurguddoo irratti kan hundaa'aniidha. Kun ammoo, sirnoota bulchiinsaa addunyaa irra jiran keessaa kan umurii dheeraa qabu, filatamaa, jaallatamaa, balchaa, mijataafi hangafa isa taasisa. Utubaaleen bu'uraa sirna Gadaa, kanneen armaan gaditti ibsamanidha.

## A) Sirna Lub-daneessaa

Bulchiinsi sirna Gadaa gogeessa shanan waggoota saddeet saddeetiin aangoo walirraa fuudhaniin uummata bulcha. Kana jechuun, gogeessi tokko waggoota saddeetiif erga ummata bulchee booda, aangoo dabarsee kenna. Aangoo kan fudhatus gogeessa itti aanee uummata bulchuuf qophii ta'eedha. Aangoon gogeessa shanan kanaa waggoota afurtamatti naanna'ee walgaha. Kana jechuun, marsaan Gadaa tokko waggoota afurtama qaba jechuudha.

## Gaaffilee hubannoo 1

1. Bulchiinsa Sirna Gadaa keessa gogeessa meeqatu jira?
2. Marsaan Gadaa tokko waggoota meeqatti naanna'ee walgaha?
3. Utubaalee Sirna Gadaa keessaa tokko Sirni Gadaa lub-daneessa ta'uu isaati. Lub-daneessa ta'uun faayidaa maalii qaba?

Gogeessi sirna Gadaa danuu ta'uu isaa qofa osoo hinta'in, hammataadhas. Ummanni Oromoo hundi, namni tokkollee osoo hinhafiin, gogeessa shanan keessaa tokko keessatti miseensa ta'ee kan hammatamedha. Daa'imman dhalatan hundi gogeessa shanan keessaa miseensa gogeessa tokkoo ta'u. Hammataa ta'uun gogeessa sirna Gadaa qaamni aangoof jedhee walitti hinaafuufi qoxxisu akka hinjiraanne taasisa.

## B) Tartiiba (gulantaa) dhalootaa

Utubaalee bulchiinsa sirna Gadaa keessaa inni biroon, tartiiba yookiin gulantaa dhalootaa qabaachuu isaati. Gadaan dhaloota walduraa duubaan yookiin hangafaa maandhaan yookiin quxisuun tartiibessa. Sirna Gadaa keessatti, sababni gulantaaleen kun barbaachisaniif dhaloota hangafaafi quxisuun addaan baasuufidha. Kunis, tajaajila hawaasummaatiif, barnootaaaf, leenjiif, fuudhaafi heerumaafi kanneen kana fakkaataniif jedhameeti. Gulantaan dhalootaa kun, bakkaa bakkatti maqaa garagaraatiin waamamuu danda'a. Haata'u malee, Gadaa Oromoo hunda keessatti tokkuma.

## Gaaffii hubannoo 2

Bulchiinsi sirna Gadaa dhalootа hangafaa-quxisuun tartiibessee yookiin gulanteessee kaa'uun maaliif barbaachise?

## C) Seera

Sirni Gadaa seera uummata ittiin bulchu kan mataa isaa tumatee qaba. Seerri Gadaa waggoota saddeet saddeetiin Gumii/ Caffeen tumamee ummataaf labsama. Waggoota saddeet saddeetiinis fooyya'aa deema. Ummanni Oromoo seera kana fudhatee ittiin bula. Gadaan ilma namaa qofaaf osoo hintaane, uumama hundaaf seera tumee ittiin bulcha.

Akka waliigalaatti, seerri Gadaa Oromoo wantoota gurguddoo lamaaf xiyyeeffannoo kenna. Kanneen keessaa tokko seeraatti buluudha. Bulchiinsa sirna Gadaa keessatti, Abbaa Gadaa dabalatee, namni hunduu seeraan bula. Kana jechuun, namni badii yookiin yakka dalage hundi seeraan gaafatama yookiin adabama jechuudha. Qaamni seera tumellee yoo yakka yookiin badii dalage itti gaafatama.

Abbaan Gadaa yoo badii yookiin yakka dalage, seera adabbii saddeeta jedhamuun adabama. Kanaafuu, sirna Gadaa keessatti seerri kabajamuun dhimma ijoodha.

Karaa biraatiin, seera bulchiinsa sirna Gadaa keessatti, aangoon daangaa yeroo qabaachuu isaati. Kana jechuun, gogeessi tokko aangoo isaa daangaafi yeroo seeraan isaaf kennamee ala itti fayyadamuun hindanda'amu. Fakkeenyaaf, Abbaan Gadaa tokko waggaa saddeet qofa aangoo irra tura. Yeroo isaaf hayyamame sana dabarsee aangoo irra turuu hindanda'u. Akkasumas, Abbaan Gadaa waan seeraaan daangeffamee isaaf kenname qofa hojjeta.

## D) Saglan Yaa'ii Booranaa

Bulchiinsa sirna Gadaa keessa caasaaleen bulchiinsaa gurguddoo sadiitu jiru.  Caasaaleen kunis, qaamoolee seera tuman, kan seera hiikaniifi seera raawwachiisanidha. Kan seera tumu Caffee/Gumii yommuu ta'u, kan seera raawwachiisu ammoo aanga'oota Gadaa (Abbaa Gadaa dabalatee) fi qaamni seera hiiku Yuubota. Caasaaleen kunniin of jalatti caasaa xixiqqaa sadii sadii qabu. Isaan kun, bakka tokkotti Saglan Yaa'ii Booranaa yoo jedhaman, caasaaleen kunneen maqaa garaagaraan beekkamu. Fakkeenyaaf, Booranatti Gadaa sadeen, Yuuba sadeeniifi Gumii sadeen jedhamu.

Ituu-Humbanna naannoo Caffee Odaa Bultumitti ammoo, maqaafi gahee armaan gaditti tarreeffameen beekkamu.

### i. Lallabduu Sadeen

Lallabduu sadeen warri jedhaman, bulchiinsa sirna Gadaa keessatti hoggantoota olaanoo qaama seera tumanidha. Isaanis, kanneen armaan gadiiti:

**Abbaa Caffee**- Abbaan Caffee muummicha dursaa Caffee Gadaati.

**Abbaa Heera Caffee**-Nama yeroo Caffeen seera tumu seera yaadatee ibsudha. Namni kun hayyuu seera Gadaati.

**Af-naqii (Abbaa Dubbii)** – Af-naqii (Af-yaa'ii) yaa'ii Caffee Gadaati.

### ii. Jilba Sadeen

Jilba Sadeen warri jedhaman warra seera Caffeen Gadaa tumtu dhaddacha irratti hiikanidha. Isaanis,

**Jilba Jidduu**- Isaan kun muummicha dursaa ta'ee, qaama seera hiiktuu bulchiinsa Gadaati.

**Jilba Mirgaa** –Isaan kun ammoo, itti aanaa qaama seera hiiktuu bulchiinsa Gadaati.

**Jilba Bitaa** – Kun ammoo, qindeessaa qaama seera hiiktuu bulchiinsa Gadaati.

### iii. Waraana Sadeen

Waraana sadeen warri jedhaman hoggantoota qaama seera raawwachiiftuu bulchiinsa Gadaati. Isaanis: Abbaa Gadaa, Itti-aanaa Abbaa Gadaafi Bokkuudha.

**Abbaa Gadaa**- Abbaan Gadaa muummichaa ta'ee, qaama heera raawwachiiftuu bulchiinsa Gadaafi bulchaa biyyaati.

**Itti Aanaa Abbaa Gadaa** – Bakka Abbaan Gadaa hinjirretti kan isa bakka bu'ee hojii raawwatudha.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Sirna Gadaa keessatti, Abbaan Gadaa ofuma isaa seera waan tumee lallabuuf, badii yoo dalage qaamni gaafatu hinjiraatu. (dhugaa/ soba)
2. Utubaalee Sirna Bulchiinsa Gadaa kanneen ta'an sadii barreessi.

   a.____________________

   b.____________________

   c____________________

3. Gadaan sirna bulchiinsa ummataa yeroo dhiyoo hundeeffamedha. (dhugaa/soba)

4. Abbaan Gadaa yoo badii yookiin yakka raawwate seera ________________________ jedhamuun adabama.

## Gilgaala 2: Gaaffii armaan gadii deebisi

Sirni Gadaa akka hinbadne wantoonni taasisan maal fa'i?

## Maalummaa Gogeessaa

Gogeessa jechuun dhaabbilee yookiin baallii shanan waggaa saddeet saddeetiin aangoo wal harkaa fuudhanii ummata bulchaniidha. Sirni Gadaa gogeessa yookiin dhaabbilee aangoo walirraa fudhatan shan qaba. Gogeessi tokko waggoota saddeetiif ummata bulcha. Waggaa saddeet erga bulcheen booda, baallii yookiin aangoo dabarsee gogeessa itti aanee ummata bulchutti kenna. Haala kanaan, gogeessa tokko baalliin waggaa afurtamatti naanna'ee walgaha. Kana jechuun, marsaan Gadaa tokko waggoota afurtama fudhata. Dhaloonni itti aanu waggaa afurtama booda, aangoo fudhata.

Ummanni Oromoo hundi gogeessa shanan keessaa miseensa isa tokkoo ta'uudhaan keessatti haammatamee jira. Kana jechuun, namni Oromoo ta'e kamiyyuu, kan miseensa gogeessa kanaan ala ta'e hinjiru. Namni tokko miseensa gogeessa Gadaa tokkoo yoo ta'u, hanga gulantaa Gadaammoojjii ga'utti miseensuma gogeessichaa ta'ee jiraata.

## Gaaffilee hubannoo 1

1. Sirni Gadaa gogeessa yookiin dhaabbilee aangoo walirraa fudhatan meeqa qaba? Dhaabbileen kun aangoo haala kamiin waliif dabarsu?
2. Namni tokko hanga waggaa afurtama xumuru qofatti miseensa gogeessa tokkoo ta'ee jiraata (dhugaa/soba)

Oromiyaan bal'oo waan taateef, gogeessi kunneen Gadaa Oromoo bakka adda addaatti maqaa garaa garaatiin waamama. Haata'u malee, Gadaa Oromoo hunda keessatti gogeessi jiru baay'inni isaanii shanidha. Maqaan Gogeessa jedhu iddoo tokko tokkotti miseensa, baallii, fincaaniifi kanneen kana fakkaatan jedhamuun waamama. Walumaa galatti, gogeessi Gadaa kan baallii wal harkaa fuudhuun waggaa saddeet saddeetiif ummata bulchanidha.

**Gabatee maqaa gogeessaa bakka adda addaatti ittiin waamaman agarsiisu**

| Maqaa Gogeessaa | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **Arsii** | **Boorana** | **Gujii** | **Karrayyu** | **Macca** | **Ituu Humbannaa** | **Tuulama** |
| Birmajii | Fullaasa | Muudana | Roobalee | Birmajii | Horata | Birmajjii |
| Bultuma | Mardiida | Halchiisa | Birmajii | Horata | Sabbaaqa | Michille |
| Bahara | Daraara | Dhallana | Melbaa | Michille | Fadata | Duuloo |
| Horata | Libaasa | Harmuufa | Michille | Roobalee | Dibbeessa | Melbaa |
| Roobalee | Sabbaaqa | Roobalee | Halchiisa | Duuloo | Daraara | Roobalee |

Gogeessi gabatee armaan olii keessatti kaa'aman hundi tartiiba isaan baallii waliif dabarsaniin kan tarreeffamanidha. Gogeessi shanan Gadaa kunniin aangoo wal-irraa fudhachuuf wal hindhiiban. Wal jiksuuf osoo hintaane wal cimsuudhaaf kan waliin hojjatanidha. Gogeessi walitti dhufeenya adda addaa qabu; waliin hojjatus. Akkaataa isaan waliin hojjetan irratti hundaa'uun gogeessi shanan Gadaa bakka lamatti qoodamu. Isaanis Walaannaafi Qadadduu jedhamu.

## Walaannaa

Walaannaan gogeessa shanan Gadaa keessaa kan baallii kennuufi baallii fudhatudha.

Inni baallii kennu walaannaa duraa yoo ta'u, kan baallii fudhatu ammoo walaannaa duubaa jedhama. Walaannaan duraa gogeessa aangoo isa irraa fudhatee biyya bulchaa jiru (Gadaa) raawwii hojii isaa hordofa. Hanqina gama seeraa, bulchiinsaa, aadaa, duudhaa, heeraafi kanneen kana fakkaatu isaan biratti uumamu hordofa. Haaluma kanaan, osoo badii hingeessisiin faana bu'ee akka sirreeffatu godha. Walumaa galatti, walaannaan hanqina raawwii hojii keessatti uumamu hordofuun akka sirreeffamu taasisa. Adeemsi isaanii kun sirna Gadaa deeggaree cimsuuf malee jigsee aangoo fudhachuuf kan socho'u miti.

## Gaaffii hubannoo 2


Walaannaan maali? Gogeessi tokko Walaannaa meeqa qaba?

## Qadadduu

Qadadduun gogeessa shanan Gadaa keessaa gogeessa baallii yookiin aangoo walitti hinkennineefi walirraa hinfudhannedha. Kana jechuun, gogeessa shanan Gadaa keessaa warra walitti aananii hinjirre jechuudha. Qadadduun bakka lamatti qoodama. Isaanis, Qadadduu duraafi Qadadduu boodaa jedhamu.

Qadadduun duraa Qadadduu isa duubaa barsiisa. Akkasumas, leenjisuufi hojii keessatti gorsuudhaan bulchiisi Gadaa cimaan akka jiraatu gahee guddaa taphatu. Qadadduun duubaa, Gadaa faana godaanuudhaan irraa barachaa, isa biratti leenji'aa deemu. Yeroo itti aanutti, Luba cimaa ta'uun aangoo fudhatee biyya bulcha. Haaluma kanaan, gogeessi waliif Qadadduu ta'an kunneen wal barsiisaa, leenjisaa, qaawwa raawwii hojii keessatti umamuu malu sirreessaa deemu.

Marsaan armaan gadii kun walitti dhufeenya gogeessi shanan Gadaa qabu (Walannaafi Qadadduu) agarsiisa.



Marsaa armaan olii keessatti, Gogeessi 2 fi Gogeessi 5 Walaannaa Gogeessa 1 ti. Gogeessi 3 fi Gogeessi 4 ammoo Qadadduu Gogeessa 1 ta'u.

Walumaa galatti, Gadaa Oromoo hunda biratti gogeessa shantu jiru. Gogeessi tokko waggaa saddeetiif ummata erga bulchee booda, gogeessa itti aanee biyya bulchuuf qophii ta'etti baallii dabarsee kenna. Oromoon hundi miseensuma gogeessa isaa ta'uun hanga umriin waggaa saddeettamaatti itti fufa. Gogeessi hundi waldeeggaraa, walcimsaa Sirni Gadaa cimaan akka jiraatu godhu.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Walaannaan Gogeessa aangoo irra jiru kuffisuun aangoo qabachuuf kan hojjatudha. A) dhugaa B) soba
2. Gogeessa shanan Gadaa Tuulamaa tartiiba baallii walitti dabarsaniin barreessi.

a. ______________________

b.______________________

c.______________________

d.______________________

e.______________________

3. ________________jechuun dhaabbilee shanan Gadaa waggaa saddeet saddeetiin aangoo wal harkaa fuudhanii ummata bulchanidha.

A) Qadadduu duubaa   B) Gogeessa   C) Walaannaa duraa

4. Qadadduun Gogeessa baallii yookiin aangoo walitti hinkennineefi walirraa hinfudhannedha yommuu jedhu maal jechuudha?

## Gilgaala 2: Gaaffii armaan gadii deebisi

Gogeessi shanan walitti dhufanii waliin hojjachuun faayidaa maalii qaba?

## Maalummaa Waaqeffannaa

Waaqeffannaan amantii ganamaa ummata Oromooti. Waaqeffannaan Waaqa tokkicha ofitti aanfachuufi dhugeeffachuudha. Kana jechuun, olaantummaa, guddummaa, qulqullummaa Waaqa tokkichaa amanuun fudhachuudha. Akkasumas, waan hojjatan hunda akkaataa heera Waaqaa qofaan raawwachuudha. Kunis, waan inni hojjadhaa jedhe hojjachuufi heera isaa hordofuu dabalata.

Waaqeffannaan madda gaarummaa kan amalliifi naamusni dhala namaa ittiin qajeeludha. Waaqeffannaan amantii Waaqa tokkicha dhugeeffachuufi ittiin qajeelfamuudha. Dhugeeffanni kunis, heera uumaafi seera uumamaa beekanii humnaafi dandeettii Waaqaatti amanuudha. Akkasumas, heera isaa itti amanuufi qajeelfamuun, dhugaa isaa hordofuudha. Dhugaafi hojii Waaqaa hubachuuf safuu Waaqaa lafaa eeguufi gochaafi kennaa isaa galateeffachuudha.

## Gaaffii hubannoo 1

Waqeffannaan maali?

Hordoftoonni amantii Waaqeffannaa Waaqeffattoota jedhamu. Waaqeffattoonni heera Waaqaatiin qajeelfamu. Kabajaafi jaalala namaaf qabu; waan hamaafi jibbamaa irraa fagaatu. Akkasumas, soba, cubbuu, hamii, hannaafi kanneen kana fakkaatu hinhojjatan. Kana malees, safuu, hooda, duudhaafi aadaa Waaqeffannaa eeganii jiraatu. Kanaafuu, namni Waaqeffannaan bulu dhugaa kan dubbatuufi hojjatudha.

Waaqeffannaan dhugeeffataa dhugaa Waaqaafi seera uumamaa isaatiin buluudha. Waaqeffannaan daandiifi deemsa karaa nagaafi dhugaati. Oromoon, "Dhugaan ilmoo Waaqaati !" jedhee amana. Kana jechuun, Waaqni ilmoo qaba jechuu otoo hintaane, dhugaan waan guddaa ta'uu ibsuufi. Waan kana ta'eef, jiruufi jireenya isaanii keessatti waan dhugaa hojjatu. Akkasumas, "Dhugaan niqallatti malee hincittu," jechuun iddoo dhugaan qabu ibsa. Iddoo dhugaan hinjirre nageenyi hinjiru. Kanaafuu, akka waliigalaatti, Waaqeffannaan dhugaa dubbachuufi dhugaaf jiraachuudha.

## Gaaffii hubannoo 2

Oromoon dhugaan ilmoo Waaqaati maaliif jedha?

Akka dhugeeffannaa Waaqeffannaatti, Waaqni dhiibbaa kam irraayyuu bilisa. Waaqni lamas, namas miti jedhamee amanama. Kana jechuun, Waaqni tokkicha dandeettiifi beekumsa isaatiin waa hunda raawwatudha. Kana malees, bifaanis maal akka fakkaatu eenyullee hinbeeku. Beekuus hindanda'u. Oromoon "Gurraacha garaa garbaa, tokkicha maqaa dhibbaa, leemmoo garaa taliilaa," jedhee eebbifata. Tokkicha maqaa dhibbaa kan jedhu Waaqaaf bifa kennuu osoo hintaane, Waaqni qulqulluu ta'uu kan ibsu yoo ta'u; garaa garbaa jechuuun ammoo, Waaqni waan hundaa kan danda'u, gara bal'eessa ta'uu ibsa. Kunis, Waaqni gara laafessa ta'uu isaa agarsiisa.

Waaqeffattoonni waan hundaa kan of harkaa qabu Waaqa jedhanii amanu. Akkasumas, kan namaaf kennu Waaqa; kan nama dhorkatus Waaqa; kan kenneellee yoo fedhe fudhatus Waaqa jedhamee amanama. Waaqni gara-laafessa; gara baldheessas. Waaqni lafa dhiisisee kan bariisise, samii utubaa malee kan dhaabe, lafa dhisaa malee kan diriirsedha. Waaqnii beekaa beekaa caalu; madda uumaa uumamaati; aango-qabeessa abbaa haqaati jedha Oromoon.

Duudhaaleen Waaqeffannaa keessatti argaman bu'uura amantichaati. Duudhaaleen kunniin hordoftoota Waaqeffannaa biratti qajeeltoo jiruufi jireenya isaaniiti. Oromoonis, duudhaa kana fakkeenyummaa taasifachuun nama kijibuufi daba hojjatu nibalaaleffata. Duudhaan Waaqeffannaa haqummaadha. Haqni uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Haqa dabsee nama hinmiidhu; yoo miidhellee gumaa baasa.

Walumaagalatti, Waaqeffannaan Waaqa tokkicha ofitti aanfachuufi dhugeeffachuudha. Olaantummaa, guddummaafi qulqullummaa Waaqa tokkichaa amanuun fudhachuudha. Waan hojjatan hunda akkaataa heera Waaqaa qofaan raawwachuudha. Waaqeffattoonnis duudhaalee kanneen qaama jiruufi jireenya isaanii taasifatanii ittiin jiraatu.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Waaqeffattoonni waan hundaa kan of harkaa qabu Waaqa jedhanii amanu. (dhugaa/soba)

2) ____________jechuun Waaqa tokkicha ofitti aanfachuufi isa dhugeeffachuudha.

3. Yaadota armaan gadii keessaa kan sirrii ta'e kami?

A) Waaqeffannaan madda gaarummaa kan amalliifi naamusni dhala namaa ittiin qajeeludha.

B) Waaqni dhiibbaa kam irraayyuu bilisa

C) Iddoo dhugaan hinjirre nageenyi hinjiru

D) Hunduu sirriidha

## Gilgaala 2: Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Yaada, 'Waaqeffattoonni heera Waaqaatiin qajeelfamu jedhamee amanam,' jedhu . fakkeenyaan ibsi.
2. Dubbisa armaan olii irraa maal baratte?

Jaarmiyaalee Waaqeffannaa jechuun qaamolee ol'aantummaan aman-tii kana keessatti shoora olaanaa taphataniidha. Kunis seerri uumaafi uumamaa akka hincabneefi hindabne ummata dura bu'anii kan qajeelchaniidha. Waaqeffannaan jaarmiiyaalee adda addaa of keessaa qaba. Kanneen keessaa Qaalluu, Ayyaantuufi Raagni warra ijoodha.

## Qaalluu

Qaalluu jechuun nama hasaasa Waaqaa qabu jedhameetu beekama. Qaalluun beekumsa heeraafi seeraa guddaa kan qabudha. Akkasumas, naamusa olaanaa kan qabuufi akkaan Waaqa kan safeeffatudha. Kanaafuu, Qaalluun ummata Oromoo biratti bakka guddaa qaba. Oromoon yoo dubbatu, "Dhugaan kan Waaqaati; namni dhugaa Waaqaa baatu immoo Qaalluudha," jedha. Haaluma kanaan, Qaalluun nama dhugaa baatu jedhamee amanama. Qaalluun namni cubbuu akka hinraawwanne akeeka. Kan cubbuu raawwate ammoo, akka gara dhugaatti deebi'u qajeelcha.

Qaalluun Oromoo kan jalqabaa ruufaan Waaqa keessaa bu'e jedhamee amanama. Sababuma kanaaf, Abbootiin Gadaa ruufa bifa diimaa, keelloo, adii, gurraachaafi cuquliisa qabu mataatti maratu; uffatus. Kana jechuun, Qaallummaan kennaa uumaati malee waan guyyaa keessa argamu miti jechuudha.

## Gaaffilee hubannoo 1

1. Oromoon maaliif Qaalluuf kabaja guddaa kenna?
2. Ogummaan Qaalluu eessaa argama?
3. Qaalluun hasaasa Waaqaa qaba jechuun maali?

Qaalluun gahee adda addaa qaba. Fakkeenyaaf, sirna Gadaa eebbaan utubuu keessatti gahee olaanaa qaba. Abbootiin Gadaa, kakuufi eebbaaf qumbii Qaalluu irraa fudhatu. Yeroo kana hayyoota isaanii hunda waliin ta'uun galma yookiin karra Qaalluu deemu. Qaamonni Gadaa qumbii fudhatan yookiin nyaatan dhugaa dubbatu; hinsobanis. Murtii dharaa hinkennan. Akkasumas, gosaafi firaan loogummaa hinhojjatan. Abbootiin Gadaafi miseensonni isaa yeroo qumbii fudhachuu deeman

Qaalluudhaaf horii qabatanii deemu. Yeroo eebbaafi qumbii fudhatanis, Qaalluu muudu. Qaamonni Gadaa kunneen yeroo gara galma Qaalluutti dhiyaatan kophee luka irraa baafatu. Qumbiin Qaalluun Abbootii Gadaafi miseensota isaaf kennu wayyooma isaanii cimsuuf ta'a. Kunis, eebbi isaanii akka lafa hinbuuneefi wayyoomaafi gaaromni isaanii akka cimu taasisa.

Qaalluun muudama Waaqaa qabu jila Sirna Gadaa kam irrattiyyuu hinhirmaatu. Haata'u malee, Qaalluun akkuma Gadaa yaa'a mataa isaa kan ofdanda'ee kophaa godaanu qaba. Fakkeenyaaf, Booranatti yaa'a Qaalluu shantu jira. Kunis, Laduu Shanan jedhamu. Isaanis, Yaa'a Qaalluu Karrayyuu, Yaa'a Qaalluu Odituu, Yaa'a Qaalluu Maxxaarrii Karaaraa, Yaa'a Qaalluu Maxxaarrii Garjeedaafi Yaa'a Qaalluu Maxxaarrii Kuukkuu jedhamuun beekamu.

## Gaaffii hubannoo 2

Gahee Qaalluun qabu maal fa'i?

## Ayyaantuu

Ayyaantuun jaarmiyaalee Waaqeffannnaa Oromoo keessaa isa tokkodha. Ummanni Oromoo haala qilleensaa, urjii, ji'aafi aduu xiinxaluudhaan yaada hubate waliif dabarsa. Xiinxala kana irraa ka'uudhaan taateewwan dhufuu danda'aniif fala kaa'a. Fakkeenyaaf, bona hongee, bokkaafi bubbee hamaa dhufuu malu irraa dandamachuuf, haala mijaawaa oomishaafi horsiisa loonii jiru haalaan itti fayyadamuuf qophii godha. Namoonni xiinxala akkanaa irratti dandeettii qaban Ayyaantuu jedhamu.

Ayyaantuun amala ji'aa, aduu, urjiifi moora ilaaluun waggaa tokko ji'oota kudha lamatti qoodu. Guyyoota ji'a keessa jiran ammoo digdamii torba taasisuudhaan maqaa itti moggaasanii yaamu. Maqaan guyyoota ji'a keessaa jiranii naannoo Oromiyaa bakka adda addaatti garaagarummaa qabaatullee baay'inni isaanii tokkuma. Maqaan guyyoota digdamii torbaaf kennamu akka waliigalaatti Ayyaana jedhama.

## Raaga

Raagni jaarmiyaalee Waaqeffannaa Oromoo keessaa isa tokkodha. Raaga jechuun taateewwan garagaraa nama dhuunfaa, naannoofi hawaasa bal'aa irratti mul'achuu danda'u dursanii himuudha. Namoonni raagan ammoo Raagdota jedhamu. Manguddoonni Oromoo raaga raaguudhaan beekamu. Bara durii irraa kaasee manguddoonni Oromoo teeknooloojiiwwan amma itti fayyadamaa jirru (xiyyaara, konkolaataafi kanneen  biroo ) akka dhufan dursanii raaganii jiru. Manguddoonni raaga kana raagan taateewwan yeroo dheeraa argan, muuxannoofi hubannoo horataniifi dhugaa Waaqaa irraa miira argataniin raaga dubbatu. Kana irraa ka'uun, Oromoon "Jaarsi hanga bule raaga," jedha.

Manguddoonni raagan akkuma ayyaantuu aduu, ji'a, urjiifi moora ilaalanii amala qilleensaafi waan fuula duratti ta'uu malu raagaan dubbatu. Dabalataanis, booka yeroo dhugan, horii yeroo qalatan, amala sochii namaafi taateewwan uumamaa irratti mul'atan xiinxaluudhaan wanta gara duraatti ta'uu malu raagu. Raagni manguddootaa kan farra yookiin dambooba himan ta'uu danda'u. Kanas, taateewwan uumamaa adda addaa ilaaluufi dhaggeeffachuudhaan himu.

Namoonni waa raaguu danda'an kunneen Sirna Gadaa keessatti beekamtii akka qabaatan seeratu lallabamaaf. Fakkeenyaaf, yeroo Abbootiin Gadaa baallii wal-irraa fuudhatan farraafi dambooba bara Gadaa baallii fudhatee dhufuu danda'u raagu. Wantoota hamaa ta'an maaliin akka jalaa bahuu danda'an fala kaa'u.

Walumaa galatti, Oromoo biratti raagni waan gara duraatti dhufu beekuudhaaf bakka guddaa qaba. Namoonni raaguu danda'an maanguddoota Qumbii nyaatanii Sirna Gadaa keessatti sadarkaa Yuubaa irra gahanidha.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Sirna Gadaa keessatti gaheen Qaalluu maali ?
2. _________________jechuun taateewwan garagaraa nama dhuunfaa, naannoofi hawaasa bal'aa irratti mul'achuu danda'u dursanii himuudha.
3. Gadaa Oromoo keessatti namoonni haala qilleensaa, urjii, ji'aafi aduu xinxaluudhaaf dandeettii qaban ________________jedhamu.
4. Qaalluun beekumsa guddaa waan qabuuf, Waaqa hinsafeeffatu. (dhugaa/soba)
5. Jaarmiyaaleen Waaqeffannaa Oromoo maal maal fa'i?
6. Filannoo armaan gadii keessaa kan Qaalluu ibsu kami?
   A) Qaalluun hasaasii Waaqaa qaba
   B) Qaalluun naamusa olaanaa qaba
   C) Qaalluun beekumsa heeraafi seeraa guddaa qaba
   D) hunduu deebiidha.

## Gilgaala 2: Deebii armaan gadii deebisi

Naannoo keessanitti namoota hojii Raagaafi Ayyaantuu hojjatan manguddoota gaafachuun dareef dhiyeessi.

Gochaalee Waaqeffannaa keessaa inni bu'uuraa waaqeffachuudha. Waaqeffachuun Waaqa kadhachuufi galateeffachuudha. Gochaaleen kadhannaafi galateeffannaa kunneen sirnoota adda addaa gaggeessuun raawwatamu. Sirnoota kunneen keessaa Irreecha yookaan Dhibaayyuun isa bu'uuraati.

## Irreecha/ Dhibaayyuu

Irreechi/Dhibaayyuun sirna Oromoon uumama qabatee uumaa ittiin galateffatuufi kadhatudha. Sirni kun Oromiyaa iddoo baay'eetti maqaa Irreecha jedhamuun yoo beekamu Oromiya gara Kibbaatti ammoo, dhibaayyuu jedhamuun waamama. Dhibaayyuun mallattoo araaraafi nageenyaati. Dhibaayyuun gumaata Waaqaa isa tola Waaqni namaaf ooleef ittiin galateeffataniidha. Akkasumas, Irreechi ayyaana Waaqa kadhachuufi galateeffachuuti. Ayyaana Irreechaa irratti Oromoon walga'ee gamtaan Waaqa kadhata. Waaqa galateeffata; imaanaa Waaqa irra bulfatas.

Irreechi/ Dhibayyuun bifa garagaraatiin gaggeeffama. Innis, kan waggaatti si'a lama kabajamuufi kan yeroo jiloota gogeessa Gadaa bakka garagaraatti dhibaafatamudha.

## Irreecha/Dhibaayyuu Birraafi Arfaasaa

Irreechi yookiin dhibaayyuun Birraa waqtii Birraa bakka malkaan jirutti kabajama. Irreechi yookiin Dhibaayyuun Arfaasaa ammoo, waqtii Arfaasaa keessa Tulluu irratti dhibaafatama. Irreechi Birraa kaayyoo gurguddoo lama qaba. Inni tokko, Waaqa booruufi dukkana Gannaa keessaa namaafi horii nagaan ceesisee ifa Birraatti baase galateeffachuudha. Waaqa bacaqii gannaa, rooba ulfaataafi dukkana hulluuqsisee ifa Birraatti ceesiseef galata galchuudha. Inni biroo ammoo, imaanaa Waaqa irra bulfachuudha. Hawwii gara fuula duraatti qabaniifis Waaqa nikadhatu.

Yeroon kun, yeroo akaakuun midhaan adda addaa gahuuf daraaranii bilchaachuu irra jiranidha. Kanaaf, abaaboo midhaanii ijaan argan akka nagaadhaan isaaniif laatu, ija hamtuu irraa akka eeguuf kadhatu. "Kan darbeef galata; kan dhufuuf situ beeka," jedhanii kadhatu.



Irreechi yookiin Dhibaayyuun Arfaasaa yeroo Bonni dabree Waqtiin Gannaa seenuuf ga'u tulluu irratti dhibaafatama. Irreechi Arfaasaa kaayyoo lamaaf kabajama. Inni tokko, Waaqa awwaara Bonaa jalaa nagaan nama baase galateeffachuudha. Inni biroon ammoo, dukkana Gannaa itti deemaa jiran jala nagaan akka nama baasu Waaqa irra imaanaa kaayyachuudha. Waaqni roobee kan goge akka jiisu, nagaan akka roobu, roobni kan sanyii magarsu akka tahu, akka qabbana isaaniif buusuuf kadhatama.

## Gaaffii hubannoo

Irreechi yookiin Dhibaayyuun waggaatti si'a lama kabajamu yeroo akkam

## Irreecha/Dhibaayyuu Jilaa

Irreechi yookin Dhibaayyuun inni biroon ammoo, isa Oromoon yeroo jiloota gulantaa Gadaa garagaraa raawwatudha. Fakkeenyaaf, Dhibaayyuu Dooriifi Dhibaayyuu Gadaamoojjii kaasuun nidanda'ama. Dhibaayyuun kunneen miseensa gogeessa Gadaa gulantaa sana keessa jiraniin aannaniifi marga jiidhaa qabachuudhaan iddoo adda addaatti dhibaafatama. Fakkeenyaaf, Dhibaayyuun gulantaa Doorii keessatti Dhibaafatamu Booranatti adeemsi isaa akka armaan gadiitti raawwatama.

Dooriin Dhibaayyuu kana kan gaggeessu gaafa jila Buttaati. Gaafa jila Buttaa guyyaan dhibaayyuu yoo gahu, korma buttaafi buttee gara moonaa Dhibaayyuutti geessu. Moonaan dhibaayyuu itti bahan ollaa yookiin yaa'a irraa alatti bahee ijaarama.

Sababni moonaan Dhibaayyuu ala godhamuuf, sagaleen namootaafi ijoollee warra keessa jiran  jeequu waan danda'uuf, bakka namni biraa hinjirre callisaan taa'anii qalbii tokkoon Waaqa ofii kadhachuudhaaf taha. Yeroo kana, "Onnee qulqulluufi wayaa qulqulluun Waaqa kadhatu" jedhama.

Yeroo gara iddoo Dhibaayyuu deeman kana warri Aduloota Doorii ganama osoo loon moonaa ciisanii, moonaa keessaa bahuun butumee dura fuula baha biiftutti garagalchatee taa'a. Yeroo kana Waddeessa, Qumbii fiixeetti hidhee dhadhaa wajjiin harkatti qabatee haadha warraa isaa eega. Haati warraa isaa ammoo, ciicoo Dhibaayyuutti aannan naqattee, dhadhaa dhirsa dhibaayyuu deemu muuddu qabattee dhufti. Abba warraa ishee dhadhaa muuddee ciicoo dhibaayyuu itti kenniti. Jila Gadaa keessatti dubartoonni Elellee jedhamu.

Yeroo dhadhaa muuddu, "hoo buulensa" jetti.  Innis,  "butteen bulaa si hindhabin, bulee moonaa hindhabin" jedhee eebbisa. Erga Dhibaayyuun muudamtee booda, namuu ciicoo ofii fudhatee gara moonaa dhibaayyuutti sirriiqa. Moonaa Dhibaayyuu kanatti Waaqa kadhachaa dhibaafatamaa  sirbama. Yeroo Dhibaayyuu kana akkas jechuun Waaqa kadhatu:

"Haay haay, Waaqa Doorii yaasi;

Doorii lubaa bulchii;

Dubbii murteessi;

Arda urgeessi;

Collee urgeessi;

Waaqi nuu roobi ;

Lafa sugeessi;

Kormaa- goromsaa horsiisi;

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Ummanni Oromoo waqtii Birraa Irreecha eessatti kabajata?

   A) tulluu B) bakka malkaan jirutti C) Odaa jalatti

2. Kaayyoo gurguddoon ummanni Oromoo Irreecha Birraa kabajuuf maali?

3. Irreechi Arfaasaa waqtii Bonaa kabajama. A) dhugaa B) soba

## Gilgaala 2: Gaaffii armaan gadii deebisi

Dubbisa armaan olitti dubbiste irraa maal hubatte?

Sirna Gadaa keessatti, akkuma warra dhiiraa dubartoonnis gahee bulchiinsaafi jiloota garagaraa gaggeessuu qabu. Gooroo Gadoomaa gogeessa tokkoo keessatti haati warraa Abbaa Gadaa gahee guddaa qabdi. Akkasumas, iddoo garagaraatti maqaa garaagaraan beekkamti. Fakkeenyaaf, Booranatti Haadha Yaa'aa yoo jedhamtu, Gujiitti ammoo Haadha Bollaa jedhamti. Kana malees, haalli isaan jila Gadaa keessatti gahee isaanii itti bahatanis bifa adda addaa qaba. Gaheefi itti-gaafatamummaan haati warraa Abbaa Gadaa qabdu yaa'a qajeelchuu, jiloota dubartoonni gaggeessan hogganuu, Abbaa Gadaa waliin ta'uun wal-harkaa fuudhiinsaa baallii raawwachiisuufi Abbaa Gadaatti kallacha hidhuu fa'i. Gaheen isaanii kunis, tokko tokkoon armaan gaditti ibsamee jira.

Gooroo Gadoomaa keessatti haati warraa Abbaa Gadaa gahee olaanaa qabdi. Abbaan Gadaa erga gulantaa Raabomaa seenee haadha warraa fuudheen booda, yaa'a ofii walitti qabee gara ardaa jilaatti godaanuu jalqaba. Yeroo kana irraa jalqabee yaa'a kana akka haadhaa taatee kan qajeelchitu haadha warraa isaati. Gahee Haadha Yaa'aa yookiin Bollaa keessaa inni tokko dubartoota yaa'a keessa jiran hoogganuudha.

Dubartoonni yaa'a tokko keessatti dhaabbataan godaanan haadha warraa Adulootaa, haadha warraa Hayyootaafi haadha warraa Makkalootaati. Dubartoota kanneen dhimmoota jilaa, hawaasummaafi walitti dhufeenya garaagaraa irratti kan hooggantu haadha warraa Abbaa Gadaati.Kana malees, gaheen haadha warraa Abbaa Gadaa jiloota dubartootaa raawwachiisuudha. Fakkeenyaaf, yeroo Dooroma keessa jiran jilli dubartoonni yaa'aa raawwatan inni ijoon jila sirba Ruddiiti. Jila kana irratti, dubartoonni mataa isaanii dhadhaa dibatanii, siiqqee qabatanii, gorfoo uffatanii karra duratti hiriira galanii warra dhiiraa yookiin abbaa warraa isaanii fuuldura dhaabbachuun sirbu. Jila kana irratti sirba, hiriiraafi raawwii sirbichaa kan qajeelchitu haadha warraa Abbaa Gadaati.



## Gaaffii hubannoo 1

1. Jila Ruddii irratti gaheen haadha warraa Abbaa Gadaa maali?
2. Yaa'a Gadaa tokko keessa dubartoonni dhaabbataan godaanan eenyu fa'i?

Karaa birootiin, yeroo Abbaan Gadaa jila adda addaaf bahu kallacha addatti hiitee kan gaggeessitu haadha warraa isaati. Kallachi meeshaa ulfoo waan ta'eef, nama wayyuu qofatu namaaf hidha. Bifuma kanaan, haati warraa Abbaa Gadaa wayyuu waan taateef, Abbaa Gadaaf kallacha hiitee eebbiftee jilaaf bobbaafti. Fakkeenyaaf, yeroo abbaan Gadaa muuda qaalluu, dhibaayyuu, Odaa buluufi jiloota biroo raawwachuuf deemu kallacha kormaa hiiteefii gaggeessiti.

Gama birootiin, haati warraa Abbaa Gadaa gaafa wal harkaa fuudhiinsa baallii Abbaa Gadaa waliin sirnicha raawwatti. Guyyaa walharkaa fuudhinsa baallii dubartoonni iddoo sanatti argaman haati warraa Abbaa Gadaa duraanii yookiin kan Abbaa Gadaa baallii kennuu, haadha warraa Abbaa Gadaa haaraa yookiin kan isa baallii fuudhatuufi haadha warraa Bokkuuti.

Yeroo kanatti ardaa Badhaasaa keessatti walitti dhufanii erga jila raawwatanii booda, haadha warraa Abbaa Gadaa fuula ishee dammaan tuqanii eebbisu. Kunis, jaalalaafi hormaata, akkasumas Gadaa kana keessatti waan hunda nutti mi'eessi jedhanii Waaqa kadhachuu agarsiisa. Gama birootiin, haati warraa Abbaa Gadaa, jalqaba gulantaa Raabomaa keessatti Haadha Ambaa jedhamti. Haadha Ambaa jechuun haadha ummataa jechuudha.

Haati warraa Abbaa Gadaa gulantaalee Gadaa adda addaa keessatti gahee isheen taphattu baay'eedha. Fakkeenyaaf, gulantaa Raabaa keessatti dubartoota Raabaatti Midhoo hidhuun Kuusa irraa gara Raabaatti ceesisti. Kana malees, dubartoonni gulantaa Raabaa jila Qajimaa murachuu akka gaggeessan gochuun gara gulantaa Dooriitti ceesisti. Akkasumas, haati warraa Abbaa Gadaa jila Guutimalaa gaggeessuudhaan dubartoota gulantaa Doorii irraa gara Gadoomaatti ce'uu isaanii mirkaneessitiif.

## Gaaffii hubannoo 2

Haati Bollaa jalqaba gulantaa Raabomaa keessatti maal jedhamtee waamamti?

## Jila Guutimalaa

Sirni dubartiin ittiin gadoomtu jila Guutimalaa jedhama. Guutimalli sibiila qaldhaa bareedina qabu lama gogaa qaldhaan walitti hidhamee mataa irratti hidhatamuudha. Jila guutimalaa kana irratti sa'atu qalama. Saani kan qalamuuf barri Gadaa kun quufaafi gabbina akka qabu agarsiisuufi. Guutimala jalqaba kan hidhatan haadha warraa Fagaafi haadha warraa Abbaa Gadaati. Itti aansuudhaan, haati warraa Abbaa Gadaa dubartoota hafanitti guutimala hiitee gadoomsiti. Sirni Gadooma dubartootaa kun jila hunda irratti walqixxummaan akka hirmaatan isaan taasisa. Kunis, dubartoonni akkuma warra dhiiraa kan gadooman ta'uu agarsiisa.

Guutimala



## Jila Maq-baasaa

Jila guutimalaatti aansuudhaan, haati warraa Abbaa Gadaa ijoollee shamarraniif maqaa baasti. Shamarraniif maqaan yoo bahu, haati warraa Abbaa Gadaa biqiltuu uddoo jedhamtuun rifeensa mataa shamarree irratti haxaa'aafii "Intalaaf maqaa baasaa naaf dhaga'aa, "jetti. Namoonni achi jiranis, "Intalti siif haa dhageessu; haadhaafi abbaa haa jaarfattu; moonaa baldhoo haa dhaqxu"jedhanii eebbisuudhaan jilli xumurama.  Kana booda, maqaan baheef sana mirkaneessuuf qootii dhaabame jalatti jibicha Gubbisaa qalaniif. Jibicha gubbisaa jechuun, jibicha ilmaafi intala maqaan baheef qalamu jechuudha. Haala kanaan, jilli maq-baasaa xumurama.

Walumaa galatti, Sirna Gadaa keessatti haati warraa Abbaa Gadaa ga'eewwan olaanoo ta'an garagaraa qabdi. Isaan keessaas, kanneen akka abbaa warraa ishee waliin ta'uun jiloota adda ddaa gaggeessuu, yaa'a dubartootaa Gadaa keessa jiranii abbummaan hogganuufi kanneen kana fakkaatan raawwachuun ga'eewwan  isheen baatuudha. Gabaabumatti, Abbaa Gadaafi Haadha Yaa'aa yookiin Bollaa jechuun maqaa aangooti.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti haati warraa Abbaa Gadaa ______________yookiin ______________jedhamti.
2. Seera Sirna Gadaa keessatti namni tokko nama guutuu ta'ee itti-gaafatamummaa fudhachuu kan danda'u yoo haadha warraa qabaate qofaadha. (Dhugaa/Soba)
3. Yeroo Abbaan Gadaa jila garagaraatiif bahu kallacha hiiteefii kan gaggeessitu haadha warraa isaa qofa. (Dhugaa/Soba)
4. Sirna Gadaa keessatti jilli maq-baasaa erga geggeeffamee booda ilmaafi intala maqaa baheef sana mirkaneessuuf maaltu taasifama?

   A) Qootii dhaabame jalatti jibicha Gubbisaatu qalamaaf.

   B) Sirna Qajimaafi waddeessa murachuutu gaggeeffama

   C) Sirna guutimala hidhuutu geggeeffama
5. Jilli dubartoonni Doorii karra duratti abbaa warra isaanii dura dhaabbatanii sirbuun jilatan ______________ jedhama.
6. Sirna Gadaa keessatti haati warraa Abbaa Gadaa jila guutimalaa geggeessuudhaan dubartoota gulantaa Doorii irra jiran gara gu lantaa Gadaatti ceesisti. A) Dhugaa B) Soba

## Gilgaala 2: Gaaffii armaan gadii deebisi

Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti namni haadha warraa hinqabne Abbaa Gadaa ta'uu hindanda'u maaliif jedhame?

Sirna Gadaa keessatti nageenyi bakka guddaa qaba. Yaad-rimee kana ibsuuf Oromoon "Nageenyi ardiifi samii caalaa bal'ata," jedha. Kunis, nageenyi bu'uura waa hundaa ta'uu agarsiisa. Bakka nageenyi hinjirre ammoo, lubbuun jiraachuuf wabiin hinjiru. Qabeenyaafi maatii horachuun hindanda'amu. Tasgabbiitu dhabama; tasgabbiin dhabamnaan waan hundatu dhabama. Kanaafuu, Gadaan nageenyaaf xiyyeeffannaa guddaa kenna.

Akka Sirna Gadaa Oromootti, nageenyi kan barbaachisu ilma namaa qofaaf miti. Kanaafis, kadhannaa isaa keessatti lafaaf, malkaaf, tulluuf, beeyladaaf, bineensa bosonaafi mukaaf nageenya hawwa. Nagaafi tasgabbiin jiraachuun madaalliin uumamaa eegamee nageenyi hawaasaa akka mirkanaa'u taasisa. Yoo roobni nagaan roobe, midhaan ni'oomishama; margi nibiqila; loon soorata argatu. Yoo loon soorata argatan, yoo midhaan haalaan oomishame namnis soorata argata. Oromoon dacheefi uumama lafa irra jiru maraaf nageenya kan kadhatus hubannoo kana irraa ka'uudhaani.

Qabeenya uumamaatti seeraan kan fayyadamu ta'uun isaas hubannoo kana irraa madda. Oromoon nageenyi boora'ee miidhaa hamaan erga qaqqabee booda furuu osoo hintaane, akka nageenyi hinboorofne hojjachuun bu'a-qabeessa ta'uu hubata. Kanaafuu, wantoota walitti bu'iinsaaf sababa ta'an dursee dhabamsiisuuf yaala.

Oromoon yoo dubbatu "Bakka dhugaan jiru nagaan jira; bakka dhugaan hinjirre nagaan hinjiru" jedha. Kijibuun, malaammaltummaan, haqa namaa nyaachuun, hatuun, qabeenya dhuunfaafi waloo saamuun aadaa sirna Gadaatii miti. Sirni Gadaa namni akka dhugaa hordofee, haqa dhala namaa eeggatee jiraatu hojjata. Sababni isaas, gochaalee badaan Waaqa biratti kan nama gaafachiisan qofa osoo hintaane, walitti bu'iinsaafis sababa ta'uu isaanii waan amanuufi. Namoota wal lolan yoo araarsullee, "Yaa Waaq dhugaa afaan na kaayi; dhara afaanii na fuudhi" jedhee eegala. Waliigaltee dhuunfaas ta'e waloo yoo gaggeessus "Yaa Waaq! Haqa namaa narraa qabi; haqa kiyya naaf mul'isi," jedhee kadhata.

## Gaaffilee hubannoo 1

Haqaafi dhugaa hojjachuun yoo hinjirre rakkoo maaltu uumama?

Sirna Gadaa keessatti, walitti bu'iinsi hawaasaa akka hinuumamne tooftaaleen ittiin eegan hedduutu jiru. Isaan keessaa inni tokko qabeenya dhuunfaafi qabeenya waloo sirnaan waliin fayyadamuudha. Wantoota walitti bu'iinsaaf sababa ta'an keessaa inni bu'uuraa dhimma qabeenyaan walqabatudha.

Bulchiinsa sirna Gadaa keessatti, qabeenyi uumamaa murteessoo ta'an kanneen akka lafaa, bosonaafi eelli bishaanii qabeenya walooti. Kanaafuu, qabeenyi akkanaa faayidaa walootiif oolu; miseensota gosaa hundaan eegamanii kunuunsamu. Qabeenya dhuunfaas taanaan yeroo barbaachisaa ta'etti dhimma dhuunfaaf yookiin gosaaf ooluu nidanda'a. Fakkeenyaaf, miseensi gosaa tokko beeylada nama biraa ergisaan yookiin kennaan fudhatee fayyadamuu nidanda'a. Qabeenya waloos ta'e qabeenya dhuunfaa eeguun, kunuunsuun dirqama hundaa-ti. Kanaafuu, sirna Gadaa keessatti garaagarummaan qabeenya waloofi dhuunfaa gidduu jiru baay'ee dhiphaa waan ta'eef, dhimmi qabeenyaa wal-dhabdeef ka'umsa hinta'u.

## Gaaffii hubannoo 2

Jireenya hawaasa bulchiinsa Gadaa keessatti qabeenya dhuunfaaf eegumsa gochuufi kunuunsuun maaliif dirqama gosaa akka ta'u tumame?

Karaa birootiin, sirni Gadaa duudhaa qabeenyaan wal-tumsuu deebanoo jedhamu waan qabuuf, namni qabeenyaaf jedhee wal-miidhu hinjiru. Sirna Gadaa keessatti haalli maatiin tokko qabeenya horatee, maatiin kaan ammoo rakkatee waan nyaatu itti dhabu hinjiru.

Fakkeenyaaf, gosti tokko yookiin namni tokko balaa garagaraatiin rakkatee maatiin isaa yoo beela'e, aadaa ittiin wal-deeggaru qaba. Walumaa galatti, sirni Gadaa nageenyi ilma namaafi uumama hundaa akka eegamu hojjata. Kanas, kan mirkaneessu, utubaalee kanneen ta'an haqa bu'ureffachuufi haala itti fayyadamiinsa qabeenya waloofi dhuunfaati.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Oromoon nageenyi boora'ee miidhaa hamaan erga qaqqabee booda furuuf fiiguu caalaa akka walitti bu'iinsi hinuumamne gochuu irratti xiyyeeffannoo olaanaa kenna. (Dhugaa/ Soba)
2. Bulchiinsi Sirna Gadaa nageenyi kan barbaachisu nama qofaaf osoo hintaane, uumama lafarra jiran hundaaf jedheetu amana. Kun faayidaa maal qaba?

## Gilgaala 2: Gaaffii armaan gadii deebisi

Ollaa keessan keessaa maatiin tokko yoo rakkate bifa kamiin gargaarama?

Gadaan haala Oromoon saboota, sab-lammootaafi ummattoota isa keessa qubataniifi ollaa isaa jiraatan wajjiin ittiin jiraatu qaba. Saboota olla isaa jiran kanneen wajjiin ollummaa gaariidhaan waliin jiraata. Saboota ollaa waliin nageenya cimsachuun ogummaa bulchiinsa Gadaati. Gadaan ummata ofiif bulchuu qofaaf osoo hintaane, uummata ollaa isaatiif nagaafi tasgabbii kadhata. Waan ummata ofiitiif hawwu hunda, akka saboonni ollaa saa jiraatan argatan hawwaaf. Fakkeenyaaf, Oromoon yeroo Waaqa kadhatu, 'Amba nageessi; Ardaa nageessi; Madhaa maatii nageessi;' jechuun hawwii nageenyaa saboota ollaa isaaf qabu ibsata.

Oromoon yoo ollaan isaa nagaafi tasgabbii hinqabaanne, ummanni isaa qofti nagaan jiraata jedhee hinamanu. Kanuma ibsuuf jecha Oromoon "Ollaaf dugdaan lafaa ka'u; ollaan kafana," jedha. Kanaafuu, Gadaan rakkoo humnaa ol ta'een walitti bu'iinsa uumamuun alatti, saboota ollaa isaa jiraatan wajjiin nagaafi waliigalteedhaan waliin jiraata.

## Gaaffilee hubannoo

1. 'Ollaafi dugdaan lafaa ka'u,' kan jedhu maal agarsiisa?
2. Gadaan hawwii nageenyaa saboota ollaa isaaf qabu haala kamiin ibsa?.

Kan biroon, Gadaan jiloota adda addaa kan ardaalee jilaa garagaraa irra naanna'ee jillisu hedduu qaba. Yeroo jiloota kana gaggeessu ummata Oromoo qofa waliin hinjillisu. Saboonni ollaa Oromoo jiraatan karaa addaa addaatiin jiloota kanneen keessatti hirmaatu. Yeroo Gadaan jiloota addaa addaa gaggeessu gumaata adda addaa Gadaaf gumaachu. Fakkeenyaaf, yeroo Gadaan Gujii jilatu Abbaan Gadaa Geediyoo, warri Sidaamaafi Burjii gumaata fiduun jila hirmaatu. Wayita kanas, Abbaa Gadaa irraa eebba fudhatu. Kun ammoo, walitti hidhamiinsaafi ollummaan gaariin ummata Oromoofi saboota ollaa gidduu akka jiraatu taasisa.

Haaluma walfakkaatuun, meeshaalee aadaa jiloota Gadaa garagaraaf oolan saboota  ollaa  wajjiin waljijjiiru. Kun ammoo, aadaan walitti dhufeenyaa akka cimu taasisa. Fakkeenyaaf, Oromoon Booranaa Faajjii Gadaa kan Baqqala Faajji jedhamu uummata ollaa isaa gosa Ejjii jedhamu irraa fudhata. Akkasumas, Booranni saba Arbooree irraa meeshaa Kallacha jedhamu fudhata. Akkasumas, Aduloonni Gadaa Booranaa yeroo jilaaf gama Liiban turee Dabballee gubbisanii, Gadaamoojjii guduruu irraa buusanii gara Dirree deebi'u, Galaana Konsoo dhaqee sirna jilaa raawwata. Sirni jilaa kunis Ginda Dhiqachuu jedhama. Aadaa jilaa waliin qabaachuun kun Booranaafi saboonni ollaa jaarraa hedduuf ollaa gaarii ta'anii akka waliin jiraatan taasisee jira.

Akka waliigalaatti, Oromoon ummata ollaa waliin nagaa uumee jiraata. Qabeenya uumamaa ummata ollaa isaa waliin fayyadamuufi waliin kunuunsuun ollummaa isaa cimsata. Waliin fayyadamuu qofa osoo hintaane, eegumsaafi kunuunsas walumaan taasisu. Yoo hongeen hammaatee margi dhabame, bakka margi jiru deemuun horii isaanii dheechifatu; bishaanis obaafatu. Olluummaafi waliin jireenyi isaanii kun dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufedha.

Walumaagalatti, aadaan Oromoon ayyaanaafi jila Gadaa irratti saboota ollaa  affeeruu, meeshaalee adda addaa jila Gadaaf gargaaran saboota ollaa irraa fudhachuufi qabeenya uumamaa waliin fayyadamuun kun nageenya saboota ollaafi  Oromoo eeguu keessatti gumaata guddaa qaba. Duudhaa saboota  saboota ollaa waliin aadaa garagaraa irratti waltumsuu kana utubee kan qabaa tureefi ammas qabaa jiru Sirna Gadaati.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Gadaan uummata ofii bulchuu qofaaf osoo hintaane, uummata ollaa isaatiif nagaafi tasgabbii isaaniif nikadhata. (Dhugaa/Soba)
2. Wantoonni walitti dhufeenyi Oromoofi saboota ollaa akka cimu gargaaran maalfa'i?
   A) jiloota adda addaa irratti wal hirmaachisuu isaanii
   B) meeshaalee aadaa jilaa waljijjiiruu isaanii
   C) hunduu deebiidha
3. Oromoon Booranaa Faajjii Gadaa uummata ollaa isaa jiraatan kam irraa fudhata?
   A) Ejjii B) Konsoo C) Arbooree D) Sidaama

Sirna Gadaa keessatti, wal-dhabdee namoota lama yookiin gosa lama gidduutti uumamu furuuf tooftaa Oromoon fayyadamu inni guddaan jaarsummaadha. Jaarsummaan araara buusuuf gargaara. Aadaa Oromoo keessatti namoota wal-dhaban walitti araarsuuf iddoo guddaa qaba. Kana malees, jaarsummaan wal-dhabdee maatii gidduu jiru, wal-dhabdee ollaafi hiriyaa lama gidduutti uumamuufi kanneen kana fakkaatu furuuf gargaara. Kanaafuu, jaarsummaan wal-dhabdee xixiqqoon babal'atee gara lola cimaatti akka hinceene taasisa. Akkasumas, waliin jireenyi hawaasummaa akka cimuufi jireenyi akka hindiigamne gochuuf iddoo guddaa qaba; murteessaadhas. Karaa birootiin, rakkoo haadha warraafi abbaa warraa gidduutti uumamuun maatiin akka hindiigamne tiksuu keessatti jaarsummaan gahee guddaa qaba.

Sirni Gadaa nageenyiifi tasgabbii amansiisaan kan mirkanaa'u hirmaannaa ummataatiin qofa jedhee amana. Wal-dhabdeen fedhiifi waliigaltee qaamolee lamaaniin ala yoo hiikame furmaata fiduu hindanda'u. Walitti bu'iinsi dhiibbaa alaatiin furamu yeroof kan furame fakkaatullee, booda garuu, yeroo eeggatee ka'uun isaa hinoolu. Kanaafuu, akka Sirna Gadaatti wal-dhabdee kamiyyuu fedhiifi waliigaltee garee lamaaniitiin jaarsummaan furuun murteessaadha.

## Gaaffilee hubannoo 1

1. Jaarsummaan fedhii qaamota lamaaniin ala dhiibbaaa qaama bi-rootiin yoo gaggeeffame rakkoon uumamu maali?
2. Jaarsummaa namoota akkamiitu gaggeessa?

Jaarsummaan manguddoota beekumsa aadaa qabaniifi hawaasaa biratti beekamtiifi jaalala qabaniin gaggeeffama. Akkasumas, namoota umriin bulan qofa osoo hintaate, yaadaanis namoota bilchaatanin gaggeeffamuu nidanda'a. Manguddoonni wal-dhabdee uumamu furuuf dhugaa bakka bu'u. Haaluma kanaan, jaarsoliin dhimmi wal-dhabdee osoo mana murtii hinga'in qaamolee wal-dhaban mariyachiisuudhaan furu. Yeroo tokko tokko ammoo, erga mana murtii ga'ee booda, Abbaa Seeraallee hayyamsiisuun waliigaltee qaamolee wal-dhaban lamaaniin mari'achiisuun jaarsummaan akka dubbiin furamu taasifama.

## Adeemsa Raawwii Jaarsummaa

Jaarsummaan yoo gaggeeffamu, adeemsa mataa isaa qaba. Jalqaba, namoonni yookiin gareen wal-dhaban lamaan keessaa dhimmicha gara jaarsummaa geeffachuu kan barbaadu nama himatamu sanaaf dursee beeksisa. Sababni isaa, namni yookiin gareen himatamuuf deemu sun

osoo jaarsa bira hingeenye dursee dhiifama gaafatee dubbicha furachuu danda'a. Dhimmichi yoo qaama lamaaniin hinfuramu ta'e, kan miidhame jedhe manguddoota dhimmicha ilaalaniif filata. Manguddoonni dhimmichaaf filataman nama miidhe sana ergaa itti erganii gaaddisatti waamu. Qaamoleen wal-himatan waamamanii jaarsoliin wayita araaraaf gaaddisatti walitti dhufan, "Dhugaa nutti mul'isi; dhugaa nudubbachiisi," jechuun gaaddisa eebbifatu. Gaaddisni erga eebbifamee booda, dubbiin jalqabaa manguddoonni namicha miidhameef dhimma inni itti himatame ibsuudha. Sababni isaas, kan miidhame manguddoota araaraa biraa naaf dabalaa, yookiin ammoo himataan dursee naaf hinhimne jechuu waan danda'uuf kun raawwatama. Haalduree kanneen raawwatanii gara dubbicha qoruutti seenuuf yoo waliif galan, manguddoonni warra wal-dhaban dhugaa akka dubbatan wantoota adda addaa qabsiisanii kakachiisu. Fakkeenyaaf, dhagaa, eeboo, heexoo, daaraa, muka goggogaafi kanneen kana fakkaatu qabsiisanii kakachiisu.

Sirni akkana kun Walloo biratti, Balee seensisuu jedhama. Sirni Balee seensisuu, qaamonni wal-dhaban dhugaa qaban osoo hindabsiin yookiin itti hindabaliin jaarsota araaraaf akka dhiyeessan godha.Kana booda, jaarsoliin dhimma dhiyaate bitaa mirgaan irra deddeebi'anii xiinxala of-eeggannoo qabuun ilaaluun jalqaba dhugaa baasu.

Dhugaan yoo baatu, qaamni dhugaa argate waan dhugaan qabdu naaf argaa jechuun jaarsolii gaafata. Itti aansuun, manguddoonni itti gala dhimmichaa xiinxaluun murtii kennuun araara buusu. Kan balleesses akka balleessaa isaatti adabbiin itti murama. Adabbiin kunis 'Karraa-mataa' jedhama.

Murtiin erga kaayamee booda, jaarsoliin waan murteessaniifi sababa ittiin murteessan qaama wal-dhaban lamaanitti himama. Qaama dhugaa qabuuf murteen erga murtaa'ee booda, akka inni murtee sana irraa gadi hir'isuuf yookiin guutumatti dhiisuuf jaarsoliin nikadhatu. Himataanis, kabaja gaaddisaafi jaarsoliif jedhee waan murameef sana irraa nisalphisaaf. Sirna jaarsummaa keessatti jaarsoliin araaraaf taa'anii murtii erga dabarsanii booda, murtiin darbe fudhatama guutuu qaba. Murtii jaarsaa jala deebi'uunis safuudha. Haala kanaan, murtii jaarsolii fudhachuun araarri bu'a.

## Gaaffii hubannoo 2

Adeemsa jaarsummaa keessatti manguddoonni maal maal raawwatu ?

Karaa biroon, dhimmi jaarsummaadhaaf dhufe dhimma adeemsi isaa warra yookiin gosa walitti yakku yoo ta'e, manguddoonni eebbaan obbaasu/fixu. Kana jechuun, osoo dubbicha keessaa keessoo isaa hinilaallee qaama wal-dhabe lamaanuu eebbisanii akka araaraman godhu.

Dhimma jaarsummaa Gadaa Oromoo keessatti wanti hubatamuu qabu kan biroon ammoo, kaayyoon jaarsummaa adabuu osoo hintaane dhugaa baasuufi araara buusuudha. Walumaa galatti, sirna Gadaa keessatti jaarsummaan hiriyoota wal-dhaban, abbaa warraafi haadha warraa wal-dhaban, ollaa wal-dhaban, akkasumas, gosa wal-dhabeefi kanneen kana fakkaatu walitti araarsuuf sirna geggeeffamudha. Kunis, wal-dhabdeen uumame tokko gara rakkoo birootti akka hinceene dafanii nagaafi araara buusuuf faayidaa olaanaa qaba. Gadaa keessatti, sirni araaraa kun manguddoota lafa bulaniifi beekumsa qabaniin kan geggeeffamudha.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Jaarsummaan jaarsota umriin bulan qofaan gaggeeffama.
   A) Dhugaa  B) Soba
2. Faayidaa jaarsummaan hawaasa Oromoo biratti qabu gabaabinaan barreessi.
3. Wal-dhabdee xixiqqaan jaarsummaan furaman maalfaa akka ta'an barreessi.

## Gilgaala 2: Gaaffii armaan gadii deebisi

Naannoo keessanitti wal-dhabdee namoota lama gidduutti uumamu akkamitti jaarsummaan akka furan maatii kee gaafadhuu dareef dhiyeessi.

Gumaan yoo namni tokko nama biroo ajjeese firoota namticha du'eefi namicha ajjeese gidduutti araara buusuuf kan raawwatamudha. Gumaan kaayyoon isaa inni guddaan araara buusuun nageenyi akka dhufu gochuudha. Oromiyaa bakka adda addaatti gumaan haala adda addaatiin raawwatama. Haata'u malee, bakka hundatti, xiyyeeffannoon guddaan kan kennamu nama dhiiga dhangalaasee yookiin lubbuu baasee xuraa'e qulqulleessuudhaan lubbuun dabalataa osoo hindarbin gareen lamaan akka waliin jiraatan gochuudha. Raawwiin isaas adeemsa mataa ofii qaba.Gumaan akaakuu hedduu qaba.

Tokkoffaan, ajjeechaa akka tasaa raawwatame yookiin wal-dhibdee battalumatti uumameen raawwatamudha. Fakkeenyaaf, namni tokko eeboo darbatee akka tasaa yoo nama ajjeese, gumaa danuu jedhama. Ajjeechaan akaakuu kanaa darbama Waaqaan dhalate waan jedhamuuf baay'ee nama hindallansiisu. Haa ta'u malee, lubbuu baasee dhiiga namaa of irraa qaba waan ta'eef, laga geessanii hoolaa gurraacha qalanii seera hordofamuu qabu hordofanii dhiiga irraa dhiqanii maatii namni irraa du'ee waliin walitti araarsu.

Akaakuun gumaa inni lammaffaan, ajjeechaa itti yaadamee, karoorfatamee, dhaadatee, billaafi waraana qaratee raawwatamudha.

Inni kun ammoo, dhaadata/beekaa/dabaa jedhama. Namni bifa kanaan nama ajjeese dafee Bokkuutti dheessee harka kennata; bakka tokko tokkotti ammoo gosatti baqatee harka kennata. Kana booda, gumaadhaan araarri akka bu'u taasifama.

## Gaaffii hubannoo 1

Nama akka tasaa (osoo itti hin yaadiin) lubbuun namaa harka isaatti darbe ilaalchisee adeemsi sirna gumaa ittiin baasan maal fa'i?

Oromiyaa bakka adda addaatti akkaataa gumaan itti bahu garagara. Akkaataa gumaan ittiin bahu keessaa muraasni Qakee, Gondoroo, Harka-micciirratafi kanneen kana fakkaatanidha. Maqaa garagaraan haa beekkaman malee kaayyoon isaanii tokkuma. Innis, dubbii dhimma lubbuu irratti lubbuun dabalataa akka hinbaane araara buusuudha. Fakkeenyota gumaa tuqaman kanneen akkaataan raawwii isaanii armaan gaditti tarreeffamee jira.

Qakeen tooftaa dubbii dhiigaa ittiin furan keessaa isa tokko yoo ta'u, kaayyoon qaama lubbuu namaa wal-irraa baase gidduutti ammeenyi akka itti hinfufne araarsuudha. Akka duudhaa Oromootti namni lubbuun namaa harkatti baate hanga adeemsa aadaa hunda hordofee dhiiga sana of-irraa hinqulqulleessin, hawaasa keessatti fudhatama hinargatu. Aadaa ittiin nama harka dhiigaa qulqulleessan keessaa inni beekamaan tokko Qakeedha.

Sirna Qakee keessatti jaarsoliin nama lubbuu namaa balleesse sana erga adabbii itti muranii booda, araara buusu. Adabbiin kunis ulfaatina dhimmichaa ibsuuf loon hanga lakkoofsa rifeensa mataa jedhama. Haa ta'uu malee, horii adabbii kanaa kan gaaddisaa, kan gosaafi kan sunsumaa jechuun erga irraa hir'isanii booda, nama namni irraa du'e sana garaa qulqulleessuuf horiin muraasni nikennamaaf. Kun erga raawwatee booda, akka sirna Qakeetti horiin qalamee qaamni lachuu meedhicha waliin keeyyachuun walitti araaramu.

Gondooroon ammoo, walitti bu'iinsa qaama lama gidduutti uumameefi dhiiga dhangalaasise furuuf gargaara. Maatii isa ajjeeseefi isa jalaa du'ee gidduutti nageenya amansiisaa buusuudhaan dabalataan dhiigni akka hindhangalaane  taasisuudhaaf Gondoroon mala filatamadha. Gondooroodhaan walitti bu'iinsi yoo furamu qaamoleen walitti bu'an kakuudhaan waadaa seenanii araaramu. Xumura araaraa irratti, hoolaan kakuu araaraa niqalama. Ni'eebbifama. Erga araaramanii booda, yoo kakuu cabsan balaa dhufuu malu waan sodaataniif garaan walitti araaramanii nageenya buusu. Badii uumame boodatti dhiisanii waadaa kakatanii Waaqaaf seenan eeganii nageenyaan waliin jiraatu.

## Gaaffilee hubannoo 2

1. Gondoroon maali? Maaliif filatama?
2. Erga Gondorodhaan araarri bu'ee booda, kakuu cabsuun nidanda'amaa? Maaliif?

Akkaataa gumaan itti bahu kan biroon, Harka-micciirrata jedhama. Harka-micciirranni walitti bu'iinsi hamaan uumamee lubbuun namaa yoo dabre, araara buusuudhaan nageenyi amansiisaan akka dhufu kan godhudha. Kunis nama nama ajjeesee baqate gara hawaasaatti deebisanii nagaan hawaasa waliin akka jiraatu gochuuf tooftaan kun baay'ee filatamaadha.

Harka-micciirrataa kan biroo irraa kan adda godhu namicha badii dalage irratti tarkaanfii cimaan kan fudhatamu ta'uu isaati. Tarkaanfiin kunis ajaja aanga'oota Gadaatiin bakka namoonni hedduun argamanitti kan raawwatamu ta'a. Fakkeenyaaf, nama lubbuu namaa balleesse sana bakka hawaasni walgahetti qaanessuu, tuffachiisuu, miirri gad-aantummaa akka itti dhaga'amu gochuufi kanneen kana fakkaatan dabalata. Nama haala kanaan adabametti miira hawaasaan jibbamuufi kabaja dhabuutu itti dhaga'ama; akka ofitti gaabbu taasisa. Erga harka-micciirataan araarri bu'ee booda, nagaan bu'a.

Gama biraatiin, namni lubbuu namaa erga baaseen booda yoo haala kanaan adabamuu dide, qoqqobbii hawaasummaa hamaatu isaafi maatii isaa eeggata. Kanaafuu, eenyuyyuu haala akkanaa keessa galuu hinfedhu. Yoo akka tasaa yookiin dabaan badii akkanaa raawwate, adabbii itti kennamu amanee fudhata.

Walumaa galatti, gumaan yoo namni tokko nama biroo ajjeese firoota namticha du'eefi namicha ajjeese gidduutti araara buusuun nageenyi akka dhufu godha. Nama dhiiga dhangalaasee yookiin lubbuu baasee xuraa'e qulqulleessuudhaan lubbuun dabalataa osoo hindarbin gareen namni irraa du'eefi nama ajjeesee lamaanuu akka nagaan waliin ji-raatan taasisa.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Akaakuu gumaa keessaa ajjeechaan akka tasaan yookiin wal-dhabdee battalumatti uumameen raawwatame _____________jedhama.
2. Gumaan harka-micciirrataan xumuramu namni nama ajjeese hawaasa keessaa bahee akka jiraatu godha. (Dhugaa/Soba)
3. Haala gumaan ittiin raawwatamu keessaa kan namni irraa du'eefi nama ajjeese gidduutti araara buusuuf horii qaluun meedhicha waliin hidhachuun araara buusu kami?

   A) Qakee B) Gondooroo C) Harka-micciirrataa
4. Faayidaa gumaa baasuun Oromoo biratti qabu gabaabsii ibsi.

Mirgi qajeeltoowwan jireenyaa kan namni tokko uumamaafi heeraan argatudha. Mirga namoomaa kan jedhamu mirga ilmi namaa nama ta'uu isaa qofaan yookiin uumamaan argatuudha. Karaa biraatiin, mirgi namoomaa yookiin mirgi bu'uuraa kun kan namni, mootummaan, heerriifi seerri nama irraa mulquu danda'u miti. Mirgoota namoomaa ilmi namaa dhalootaan argatu keessaa kan akka mirga lubbuun jiraachuu, sarbamuu dhabuu, hojjatanii jiraachuu, mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, mirga daa'immanii, dubartootaafi manguddootaafi kanneen kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama.

Akka sirna Gadaatti mirga namummaa qofa osoo hintaane mirgi bineensaallee seeraan eegamaadha. Kana yoo jennu, Gadaan Gumii (Caffee) isaa waggaa saddeet saddeetiin taa'u irratti seera namaa, seera horii, seera bineensaafi seera qabeenya uumamaa kanneen biroo nituma; nihaaromsas. Dabalataanis, akka seera Gadaatti mirga waan lubbuun jiruu qofa osoo hintaane, mirgi waan du'eetis eeggamaadha. Fakkeenyaaf, seera bineensaa yoo fudhanne akkuma bineensa ajjeesuun aad-malee ta'e, bineensa du'e reeffaan taphachuunis aad-maleedha.

Isa kanas, seerota Gadaatiin tiksu.Seerota Gadaa kana keessaa inni tokko seera mirgoota dhala namaa ittiin eeganiidha. Sirni Gadaa mirgoota namoomaa armaan olitti tuqaman duudhaalee ittiin kabajuufi kabachiisu hedduu qaba.

Fakkeenyaaf, Sirna Gadaa keessatti seerri namni yakka hojjate akka ajjeefamu namatti murteessu hinjiru. Namni badii yoo dalage yookiin yoo yakkamaa ta'ee argame adabbiin adda addaa sadarkaa badii isaatiin walgitu itti murtaa'a. Adabbiin lubbuu isaa balleessu garuu itti hinmurtaa'u. Yakka namni tokko lubbuu namaa balleesseef, irra deebi'anii lubbuu balleessuun bu'aa hinqabu; adabbii adda addaa kanneen akka dhimmoota hawaasummaa irraa dhorguun adabee barsiisa. Gadaan akka bulchiinsaatti namni kamiyyuu lubbuu namaa akka hinballeessine hojjata. Kanaafuu, bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti mirgi lubbuun jiraachuu dhala namaaf nikabajama; ni'eegamas.

## Gaaffilee hubannoo 1:

1. Mirga namoomaa kanneen jedhaman maal fa'i?
2. Mirgi namoomaa eessaa argama/eenyutu namaaf kenna?

Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti mirgi yaada ofii bilisaan ibsachuu kabajamaafi eegamaadha. Mammaaksa Oromoo, "Dubbii baha hindhorkan; gala dhorkan," kan jedhu yaada kana sirriitti ibsa. Kana jechuun, namni yaada ofii ibsatu tokko dubbachuu dhorkuun yookiin ukkaamsuun aadaa Sirna Gadaa keessa akka hinjirre kan agarsiisudha. Kunis, namni waan yaade dubbachuu yookiin ibsachuuf mirga akka qabu mul'isa.

Kanaafuu, bulchiinsa Gadaa keessatti namni yaada ofii bilisaan ibsachuuf mirga guutuu ta'e qaba. Qabxiin biroo Sirna Gadaa keessatti bakka qabu, mirga hojjatanii jiraachuuti. Seera Gadaa keessatti seerri nama kamiyyuu hojii dhorku hinjiru. Gadaan namni bakka tokko qofaa taa'ee osoo hintaane bakka bakkatti sosocha'ee hojjatee akka jiraatu deeggara. Kanaafuu, Oromoon Oromiyaa keessatti bakkaa bakkatti socho'ee hojjatee jiraata. Tokko isa kaan dhiibuun aad-male. Saboota olla faanas waliin hojjatee jiraata. Kanaafuu, Sirni Gadaa namni hojjatee akka jiraatu nitumsa.

Karaa biroo, Gadaan mirga daa'immanii, dubartootaafi mangudootaa eeguufi eegsisuu irratti seerota ciccimoo qaba. Sirna Gadaa keessatti Daa'immaniifi Dubartoonni kunuunsa adda ta'e qabu. Fakkeenyaaf, daa'imman Dabballee beelessuun, itti mufachuun, arrabsuufi rukutuun aad-malee.

Bifuma walfakkaatuun dubartii hojii humnaa olii hojjachiisuu, kunuunsuu dhabuu, humnaan butuufi rukutuun akka seera Gadaatti adabbii cimaa nama adabsiisa. Dabalataanis, manguddoo kunuunsuun dirqama maatiiti. Fakkeenyaaf, nama manguddoo umrii dheeraa qaban jaarsaafi jaartii korboofi dubartii deessuu hinkunuunsine gosatu adaba. Adabbiin isaas "Gorraasuu" jedhama. Gorraasuu jechuun, gosatu itti muree horii irraa qalchiisa jechuudha.

Walumaa galatti, Sirna Gadaa keessatti namaafi bineensaa dabalatee mirgoonni bu'uuraa kabajamaafi eegamaadha. Kunis, Gadaan Oromoo kabaja uumaaf qabu irraa kan ka'e uumama isaa miidhuu, ajjeesuufi reebuun aadmalee jedhee waan amanuuf raawwatama.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Sirna Gadaa keessatti namaafi bineensa dabalatee mirgoonni bu'uuraa waan lubbuu qabanii baay'ee kabajamaafi eegamaadha.
   A) Dhugaa B) Soba
2. Yaada armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?
   A) namni kamuu mirga yaada isaa bilisaan ibsachuu qaba.
   B) Sirna Gadaa keessatti Dabballeen mirga guutuu qabdi.
   C) Bineensa du'e reeffaan taphachuun aad-malee.
   D) Hunduu deebiidha
3. Mirgoota sirna Gadaa keessatti dhala namaaf kabajaman tarreessi.
4. Sirna Gadaa keessatti dubartoonni maaliif kunuunfamu?

Qumbiin waan haancaa mukaa fakkaatu kan foolii urgaa'aa qabu yoo ta'u Sirna Gadaa keessatti iddoo ol'aanaa qaba. Karaa biraatiin, qumbiin kakuu dhugaa ittiin raawwachuudhaaf eebbaan Qaalluu irraa kan fudhatan jechuunis nidanda'ama. Qumbiin jiloota Gadaa garagaraa keessatti gahee hedduu qaba. Keesumattuu, warri Gadaafi Qaalluu yeroo eebbaafi kadhannaa garaagaraa qumbiidhaan gargaaramu. Fakkeenyaaf, yeroo dhibaayyuu Doorii, yeroo jila Gadaamoojjiifi yeroo muuda Qaalluu qumbiin bakka guddaa qaba.

Dooriin yeroo jila dhibaayyuu gaggeessuu waddeessaafi ciicoo dhibaayyuu qabatee baha. Waddeessa dhibaayyuun bahan kana fiixee isaa irratti qumbiitu hidhama. Kana malees, Dooriin dhibaayyuuf bahu yeroo haadha warra isaatiin dhadhaa muudame gara moonaa dhibaayyuu deemu qumbii biifata.

Akkasumas, Gadaamoojjiin yeroo ardaa jilaa godaanuuf geessu, jila hunda dura sirna Qumbii fuudhuu raawwatti. Qumbiin kun kan fuudhamu gogeessa isaaniin dura Gadaammoojjii ta'ee mataa buufatee xumureen yoo ta'u, kan fuudhu ammoo, torbaan qumbiiti. Namni torbaan qumbii ta'ee filatame Gadaamoojjii gogeessa isaa hunda bakka bu'uun waggaa saddeetiif kallachaafi qumbii hidhatee tura.

Miseensonni gogeessa isaa garuu erga Gadaammojjiin ardaa jilaatti godaanuuf yeroon muraasni hafu fuudhu. Qumbii kana nibiifatu; akkasumas, hanga jila Gadaamoojjummaa xumuranittis mormatti hidhatu. Dabalataanis, yeroo jilli mataa buufattoo dhiyaatu ardaa jila Gadaamoojjii dursanii qumbii kaa'u. Gadaamoojjiin qumbii afaanii qabdu hinabaartu; hinmufattus. Afaan seedaa qofa dubbatu.

**Fakkeenyaaf,**

Dubartootaan "elellee"

Looniin "leennoo"

Re'een "saasoo"

Agaraan/qottoon "kaltuu",

Billaan "suluudaa", jechuun yaamu.

Kana malees, Gadaan yeroo Qaalluu muudu, qumbii irraa fudhata. Akka seera Sirna Gadaatti namni ummata tajaajiluuf Gadaa ta'ee muudame tokko qumbii eebbaa Qaalluu irraa fudhachuun dirqama isaati. Namni qumbii nyaate dhara hinmurteessu; daba hinqoru; loogiin hinmurteessu; nama hinabaaru. Haalli raawwii garaagarummaa haa qabaatuu malee Gadaan qumbii Qaalluu irraa fudhachuun Oromoo hunda biratti beekkamaadha.

## Gaaffilee hubannoo

Qumbii nyaachisuun faayidaa maalii qaba?

## Muuda Qaalluu

Sirna Gadaa keessatti Abbaan Gadaa aangoon bulchiinsaa yommuu itti kennamu hojii bulchiinsa qofaaf osoo hintaane, eebbifachuufis itti fayyadama. Jilli Qaalluun warra Gadaa qumbii nyaachisee eebbisu kun, Muuda Qaalluu jedhama. Muuda jechuun jila Gooroo Gadoomaa beekkamaa warri aadaa gaggeessu (Qaalluufi Gadaan) waliin qabaniifi ittiin wal eebbisaniidha. Muudi Qaalluu bifa garaagaraatiin raawwatama. Fakkeenyaaf, Booranatti kan Qaalluu muudu Abbaa Gadaafi Aduloota isaa yoo ta'an, sirnichis kan raawwatamu eebba Qaalluu fudhachuudhaaf. Abbaan Gadaa Qaalluu kan muudu erga baallii fuudhee, jila Gooroo Gadoomaa marmaaree, ardaa jilaa cufatti jilatee, dhibaafatee osoo baallii ofirraa kennee hinxumurredha.

Jila Qaalluu muuduun duratti jila Odaa Buluutu raawwatama. Abbaan Gadaa yeroo Yuubomuuf deemu, Qaalluu Galalchaafi Odituu muudee qumbii isaa fudhatee eebbifama. Muuda Qaalluu, Abbootiin Gadaa hayyoota isaanii hunda waliin ta'uudhaan raawwatu. Gaafa muudaa qaalluudhaaf horii hedduu qabatanii sirba muudaa sirbaa, Maxxaarrii harkatti qabatanii karra Qaalluu dhufu. Halkan Muuda Qaalluu sana warri muudaaf dhufan hundi galma Qaalluu keessa bulu.



Karaa biraan, Gujiitti, Abbaan Gadaa erga baalliin itti kennameen booda, Dooriifi Yuuba wajjin ta'uudhaan Qaalluu Muuda. Yeroo kana gumaata jabbii loonii Qaalluuf kennuudhaan Qumbii eebbaa irraa fudhatu. Yuubonni yeroo qumbii Qaalluu Abbaa Gadaa nyaachisan akkana jechuun eebbisu: "Dhara afaanii si fuudhe; dhugaa afaan si kaaye; hingolin; mooqaan hinqorin; ambaaf goli; dhugaa qorii dhugaa muri" jedhanii kakachiisu.

Abbootiin Gadaa yeroo qumbii Qaalluu irraa fuudhan, loon Qaalluudhaaf kennan. Yeroo Qaalluun qumbii kennu namni irraa fuudhee qabatu Faga yookiin Abbaa Bokkuuti.

Abbaan Bokkuu qumbii fuudhee qabachuu qofa osoo hintaane yaa'attiin galee aangawoota muudaman nyaachisee kakuu/waadaa galcha. Jilli kun Gujiitti halkan Odaa jalatti raawwatama. Gaafa kana namoota haaraa muudaman waan isaan hojjatan barsiisee hayyoomsa. Guyyaa qumbii nyaatanii eegalanii maqaa kabajatiin waamamu. Abbaa Odaa, Abbaa Bokkuu, Abbaa Diimaaafi kanneen kana fakkaatu jedhamuun waamamu.

Bifuma wal fakkaatuun, Tuulamatti Abbaan Gadaafi miseensonni isaa gaafa baallii fudhatu Odaa Nabeetti Qaalluu irraa eebba fudhata. Qaalluun Abbaa Gadaafi miseensota isaa qumbii nyaachisuun eebbisu Qaalluu warra Odituuti. Qaalluun warra Odituu kunis Abbaa Muudaa jedhama. Abbootiin Gadaafi miseensonni isaa gaafa Qaalluu irraa eebba fudhatan Qaalluudhaaf raadaafi korma kennu. Qaalluunis, 'Abbaa Gadaa ta'i' jechuun alangee Abbaan Gadaa waggaa saddeetiif ummata ittiin bulchu eebbisee kennaaf.

Arsiittis, namni Abbaa Gadaa ta'uuf qophaa'e, Saddeeta isaa wajjiin kateebuu oofee, faaya diimaafi biriitii fuudhee galma Qaalluu dhaqa. Sana booda, jabduuwwan Raabaafi Doorii keessatti ummata isaaf hojjate akka himu taasifama.

Qaalluun haala isaa madaalee qumbiifi tamboo kenneefii akka waggoota saddeettan itti aananiif ummata bulchuuf Gadaa eebbisaaf. Sana booda, of irraa korma foduu, haadha warraa irraa dullacha foduu qala. Itti aansuun, gara qachaa ofiitti deebi'uun korma buttaa qaluun baallii fudhata. Walumaa galaatti, Gadaafi miseensonni Gadaa guyyaa qumbii nyaatanii eegalee dhara hindubbatan. 'Dhara yoo dubbanne Waaqatu nu arga' jedhanii sodaatu. Qaalluu muudanii kakuu dhugaatiin qumbii fudhachuun bulchiinsa Gadaa Oromootiif kennaa Waaqaa isa ganamaati.

## Gilgaala 1: Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Qumbii Gadaaf kan kennu

   A) Bokkuu B) Qaalluu C) Doorii

2. Akka seera Sirna Gadaatti namni ummata tajaajiluuf muudame tokko jilli waadaa ittiin seenu __________jedhama.

3. Gadaafi miseensonni Gadaa guyyaa qumbii nyaatanii eegalee dhara hindubbatan. 'Dhara yoo dubbanne Waaqatu nu arga' jedhanii sodaatu. (Dhugaa/Soba)

4. Sirna Gadaa keessatti jilli gara Qaalluutti deemanii qumbii fudhatan maal jedhama?

   A) Faga B) Muuda C) Kuusa

5. Namni qumbii nyaate maaliif nama hinabaaru jedhame?

## Jechibsoo

| Jechoota | Hiika isaanii |
|---|---|
| addee | bakka, iddoo |
| Aduloota | anga'oota Gadaa kan gulantaa Kuusaa irraa jalqabee filatamaniifi warra fuul duratti Abbootii Gadaa ta'an |
| afaan seedaa | afaan safuu qabu ykn waan badaa tokko jecha dansaa qofaan dubbachuu (Fkn: billaan sulluuda, eeboon daayaa jechuu……) |
| araayyee | maqaa mukaati |
| baallii | aangoo/taayitaa (yeroo tokko tokko ammoo gogeessi Gadaa *baallii* jedhama) |
| balchaa | mudaa kan hinqabne, qulqulluu/qajeelaa |
| Baqqaala Faajjii | huccuu halluu adiifi diimaa ofirraa qabu yeroo Dooriin jila Buttaa gaggeessu akka alaabaatti fannifamuufi korma Buttaattis kan hidhamu |
| bolla | ummata |
| 1butte | meeshaa aannanii(yeroo tokko tokko madaala jedhama) |
| butumee | qoraan karraan cufan isa garjalaa taa'u |
| canaa | akaakuu mukaa |
| curruuqoo | daa'imman 1baay'ee |
| deebanuu | nama rakkinni itti dhufe gargaaruuf kan gaggeeffamu |
| dhintee dhina | nu ofkalchaa |
| faajjii | asxaa |
| Faga | Yaa'a Gadaa keessatti Abbaa Gadaa kan bakka bu'u, iddoo tokko tokkotti Abbaan Bokkuu Faga jedhama |
| faroo | milkii/kaayoo |

| | |
|---|---|
| galma | mana jilaa kan boca geengoo qabu, citaafi marga irraa ijaaramu |
| ginda | rifeensa osoo hinhaadamiin kuufamee ture |
| gooroo godaanuu | jiloota Gadaa gaggeessuuf ardaalee jilaa irra naanna'uu |
| gubbisa | jila maq-baasaa |
| gumaa danuu | gumaa akka tasaa, osoo itti hin yaadiin raawwatamu |
| Haadha Ambaa | haadha ummataa |
| Haadha Bollaa ykn Haadha Yaa'aa | haadha warraa Abbaa Gadaa |
| Ilmaan Kormaa | Ijoollee dhalootaan gulantaa Gadaa umrii isaanii dhaqqabatan . Fakkeenyaaf, Dabballee ilmaan Doorii |
| Ilmaan Jaarsaa | Ijoollee dhalootaan gulantaa Gadaa umrii isaanii hindhaqqabatiin . Fakkeenyaaf, umrii Dabballee keessa ta'anii ilmaan Yuubaa ta'uu |
| jalkaaya | gargaaraa Abbaa Gadaa |
| jila | sirna yeroo aadaa godhamu |
| jillisuu | sirna gaggeessuu |
| kolkoluu | qulqulleessuu (irraa quncisuun qulqulleessuu) |
| koomee jilaa | yeroo Gadaa fudhachuun dhiyaatu jila gaggeeffamu |
| lub-daneessa | luba hedduu kan qabu |
| maayaa-maatii/ madhaa-maatii | namaafi horii (waan hunda) |
| Makkala | gargaaraa Adulootaa |
| maxxaarrii | meeshaa aadaa gogaafi muka irraa hojjatamu, kan yeroo muudaafi dhibaayyuu harkatti qabatamu |

| | |
|---|---|
| obbahi | ofkali |
| oolchaa dhunnaa | guyyaa guyyaan aannan dhunna |
| qachaa | bakka yaa'ii Gadaa qubatu |
| Qadaadduu | Sirna Gadaa keessatti marsaa gogeessaa aangoo wal irraa hinfudhanneefi walitti hinkennine. |
| Qajimaa | akaakuu mukaa siinqeen irraa hojjatamu |
| Qeexala | weedduu yaa'ii Gadaa luba isaa ittiin dhaaduufi walaannaa isaa ittiin ceepha'u |
| qoxxisuu | hinaafuu |
| Ruddii | sirba dubartoonni Raabaafi Doorii sirban |
| Siinqee | ulee ulfoo dubartiin heerumte qabattu |
| sirriiquu | jila Gadaa keessatti walfaana godaanuu |
| sugeessi | finna/ sifa itti hori |
| Torbii | koree yeroo Kuusi leenjii seenu filatamu, miseensa aangawootaa (Aduloota) yeroo jila Goodiyyaa filatamanidha. |
| uchuma/ichima | muka walitti riguun ibidda bahu |
| Walaannaa | Sirna Gadaa keessatti marsaa gogeessaa aangoo wal irraa fuudhatuufi walitti kennu. |
| yaa'a | qubsuma (Fkn: Yaa'a Raabaa, Yaa'a Doorii, Yaa'a Qaalluu, Yaa'a Gadaa….) |

BBO 2013/2020



Gatii .Qar. ________________